# QAACCESSA FAYYADAMA AFAAN OROMOO BARATTOOTA MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU SADARKAA 1FFAA

**ARAARSAA KABBADAA**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOFI AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/ 2019**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA FAYYADAMA AFAAN OROMOO BARATTOOTA MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU SADARKAA 1FFAA

**ARAARSAA KABBADAATIIN**

**GORSAA: Dr. TOLAMAARIYAAM FUFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMIISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOFI AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf Araarsaa Kabbadaa mata duree: Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Haala Barattoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo_______Guyyaa________

Qoraa Keessaa__________________________ Mallattoo_______Guyyaa________

Gorsaa_________________________________Mallattoo________Guyyaa_________

_________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Digirii lammaffaa (MA)

## *Axareera*

*Kaayyoon qorannoo kanaa mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu keessatti haalli fayyadama afaanii maal akka fakkaatu xiinxaluudha.Maddi ragaalees barsiisotaafi barattoota mana barumsichaa yammuu ta'an barattoota keessaafi barsiisota keessaa mala carraa fayyadamuun seenduubee isaanii irratti odeeffannoo funaannateera.Haaluma kanaan mala kaayyeeffataan barattootaafi barsiisonni yeroo waliin haasaa garaagaraa adeemsisan daawwachaa yaadannoo qabachuun ragaalee walitti qabateera.Meeshaalee funaansa ragaalee kanneen ta'an afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaatti dhimma baheera. Odeeffannoon argamanis mala amamtaafi akkamtaatiin qaacceffamaniiru. Argannoo kana keessattis fayyadama afaanii keessatti af-lamee kan waliin makaman darbanii darbanii jiraachuu, Afaan Oromoo dabalatee afaan garaagaraan barattoonni baroota kanaan duraa barachaa turuu, Barattoonni afaan garaagaraatiin barachaa turan amma magaalicha keessatti Afaan Oromootiin barachuun isaanii gara seenaa, duudhaa, afaan, aadaafi safuu hawaasichaa qabatanii akka guddataniif karaa saaquu, haalli fayyadama afaanii barattootaafi barsiisota gidduutti mul'atu garaagarummaa kan qabu ta'uufi haalli fayyadama daree barnootaa keessaafi alaa garaagarummaa kan qabu ta'uu akkasumas jechootatti haala garaagaraatiin fayyadamuun isaanii haala bakka garaagaraa irraa walitti dhufan irraa kan madde ta'uu illee qoratichi argannoo isaatiin bira gaheera.*

## Galata

Duraan dursee hojii qorannoo kanaa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti haala itti hojjachuu danda'u nuffiifi dadhabbii tokko malee gorsa ogummaafi fiixan bahiinsa qorannoo kanaatiif gumaacha kan naaf godhan Dr. Tolamaariyaam Fufaa guddaan galateeffadha.

Itti aansuun nabarsiisuu bira darbanii najajjabeessuun nuffiifi dadhabbii tokko malee deeggarsa gorsaa kan waa'ee barnoota koo akkan galmaan gahuuf yaadaanis ta'ee maallaqaan nagargaaraa turan maatii koo hundaaf galata guddaa narraa qabdu, umrii dheertuu isiniif haa kennuun jedha.

Dhumarrattis hiriyoota koo deeggarsa garaagaraa naaf kennitaaniifi namoota qorannoo kana akkan galmaan ga'uuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e naaf kennitan barsiisotafi barattoota mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruutis baay'een galateeffadha.

## Jibsoo

Gabaajeewwan ergaa qorannichaafi hubannoo namaa irratti gufuu ta'uu danda'u jedhamanii yaadaman mata duree kana jalatti hiikoo argatu

UNESCO---------------------United Nation Education scientific and Cultural Organization

GAONF---------------------Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee

## BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

Axareera ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo ........ iii
BAAFATA ........ iv
Fuula Gabatee ........ vi
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 4
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 6
2.1 Fayyadama Afaanii ........ 6
2.2 Haalota Fayyadama Afaanii Murteessan ........ 8
2.3. Imaammata Afaanii ........ 10
2.4. Qunnamtiifi Afaan Walitti makuu ........ 13
2.5. Itti Fayyadama Afaanii Xinqooqa Hawaasaa Keessatti ........ 14
2.6. Guddinaafi Itti Fayyadama Afaanii ........ 16
2.7. Malleenya Qorannoon Kun Bu'uuraffate ........ 18
2.7.1 Maleenya Haasaa gadi fageenyaa ........ 18
2.7.2 Maleenya Garaagarummaa Haasaa /Variational Analysis/ ........ 18
2.7.3 Maleenya Qunnamtii (Communication Approach) ........ 18
2.8 Sakatta'a Barruu walfakkii ........ 19

BOQONNAA SADI: SAXAXAFI MALLEEN QORANNICHAA ........ 21
3.1. Mala Qorannichaa ........ 21
3.2. Saxaxa Qorannichaa ........ 21
3.3 Madda Ragaalee ........ 22
3.4 Mala Iddatteessuu ........ 24
3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 25
3.5.1. Bar-Gaaffii ........ 25
3.5.2 Af-Gaaffii ........ 26
3.5.3 Daawwannaa ........ 27
3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 27
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 28
4.1 Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Maatii Barattootaa ........ 28
4.2 Qaaccessa Ragaalee Bargaaffiin Barsiisota Irraa Argaman ........ 31
4.3 Qaaccessa Bargaaffii Barattoota ........ 35
4.4 Qaaccessa Ragaalee Daawwannaa Argaman ........ 43
4.4.1 Akkaataa Waliigaltee keessatti Barattoonni Afaaniitti Fayyadaman ........ 44
4.4.2 Akkaataa Daree Barnootaa Keessatti Afaaniitti Fayyadaman ........ 44
4.4.3 Fayyadama Afaanii Keessatti Haala Fayyadama Jechootaa ........ 50
4.4.4 Fayyadama Afaanii Taphoota Garaagaraa keessatti ........ 52
4.5 Haala Waliigalaan Dhiibbaa Afaan Biroon Barachuun Afaan Dhalootaa Irratti Qabu .... 54
4.6 Dandeettii Barattootaa Odeeffannoo Fudhachuufi Kennuu Irratti ........ 56
4.7 Haala Waliigalaa Baruufi Barsiisuufi Itti Fayyadama Afaanii ........ 57
4.8 Faayidaa Fayyadamni Afaanii Guddina Afaanichaatiif Qabu ........ 58
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 59
5.1 Guduunfaa ........ 59
5.2 Argannoo ........ 60
5.3 Yaboo ........ 60
Wabii ........ 62
Dabalee ‘A’
Dabalee ‘B’
Dabalee’ C’
Dabalee’’ D’’

# Fuula Gabatee

**Fuula**

Gabatee 1: Seenduubee Barsiisota Odeeffannoo kennan kan agarsiisu....................................... 22
Gabatee 2: Seenduubee barattoota Odeeffannoo Kennan Kan Agarsiisu.................................... 23
Gabatee 3: Afaan Barsiisonni Barattoota waliin walii Galan Kan Agarsiisu ............................... 31
Gabatee 4: Akaakuu Afaanii Itti Fayyadama Afaanii Barattoota Gidduutti Mul'atu kan Agarsiisu ......... 32
Gabatee 5: Haala Afaan Garaagaraa waliin Makuu Barattootaa Kan Agarsiisu .......................... 32
Gabatee 6: Sadarkaa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Barumsichaa Kan Agarsiisu ........... 34
Gabatee 7: Ragaa Afaan Oromoon Ala Afaan mana Barumsaa Keessatti Barattoonni Fayyadaman Kan Agarsiisu ......................................................................... 35
Gabatee 8: Ragaa Afaan Oromootiin Ala Afaan Fayyadaman Kan Agarsiisu ............................ 36
Gabatee 9: Ragaa waliigaltee keessatti Afaan Barattoonni barsiisota waliin walii Galiin Kan Agarsiisu ................................................................................................ 36
Gabatee 10: Ragaa Barattoonni Hiriyoota Isaanii Waliin Afaan Ittiin Walii Galan Agarsiisu .... 37
Gabatee 11: Ragaa Afaanota Duraan Barattoonni Afaan Ittiin Barsiisaa Turan Agarsiisu .......... 38
Gabatee 12: Odeeffannoo Dhiibbaa Afaan Biroon Barachuun Afaan Dhalootaa Irratti Qabu kana Agarsiisu ................................................................................................ 39
Gabatee 13:Odeeffannoo itti fayyadama afaanii Hawaasa mana barumsaa waliin Jiru Kan Agarsiisu ................................................................................................ 39
Gabatee 14: Odeeffannoo Itti Fayyadama Afaan Oromoon walqabatee barattoonni Naannoo Mana Barumsaa Waliin Walii Galuu Agarsiisu......................................................... 40
Gabatee 15: Odeeffannoo waa'ee Barattoonni Afaan Garaagaraa Waliin makuu Agarsiisu ....... 40
Gabatee 16: Odeeffannoo Barreeffamni Garaagaraa Naannoo Mana Barumsaatti argamuu Agarsiisu ................................................................................................ 41
Gabatee 17: Odeeffannoo Itti fayyadama Afaan Oromoo Naannoo Mana Jireenya Barattootaa Kan Agarsiisu......................................................................................... 42

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaa kana jalatti seenduubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, barbachissummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi walduraa duubaan qindaa'ee kan dhihaateedha.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Fayyadamni afaanii bakkaafi yeroon garaagarummaa kan qabuudha. Haala fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976) yoo ibsu, "Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo yookiin looga tokko keessatti haala dubbii seerlugaan yookiin jechaan uumamu yookiin adda addummaa afaanotaa yookiin loogota gidduutti uumamuudha. Kana malees qo'annoon itti fayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaagarummaa xinqooqaa gooree murtaa'aa tokko keessatti jiru kan ilaaluudha."

Itti fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicha irratti namni sun qabu kan hammatuudha.Wolff (2000:298) "Itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf kan kana fakkaatan gaaffilee xinqooqa hawaasaan kan walqabatan ta'uu" ibsa.Itti fayyadamni afaanii akkuma bakka bakkatti, adeemsa garaagaraa keessatti garaagarummaa qabu yoo jennu manneen daldalaa,manneen barnootaa,manneen murtii, jila garaagaraa irratti garaagarummaa qaba.

Addunyaa (2010:27) waa'ee itti fayyadama afaanii ilaalchisee yoo ibsu:

> *Gaaffileen bu'uura afaanii hawaasa kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattonni waliin dubbii isaanii irratti qaban kan agarsiisu yoo yoo ta'u, yoomiifi eessatti kan jedhu yeroofi bakka dubbiin sun itti dubbatame ilaallatuudha. Maaliif, akkamitti kan jedhu immoo afaan dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliitiif akka oolaa jiru kan agarsiisuudha. Yaada kanarraa akkuma hubannutti bakkafi yeroo, haalafi adeemsa keessatti dubbannu irratti kan hundaa'u ta'uu isaati.*

Wolff (2000:298) irratti akka ibsetti, "Gaaffileen ijoo xinqooqa hawaasaa kanneen akka eenyuutu eenyuuf maal dubbata/yoomiif eessatti dubbata, maaliif akkamitti dubbata kan jedhu adda baafachuu qabna" jedha. Itti fayyadamni afaanii bakka bakkatti garaagarummaa qaba akkuma jenne mana murtii keessatti, manneen daldalaa dhuunfaafi mootummaa keessatti, mana

barnootaa keessattifi kanneen biroo keessatti haallii itti fayyadama afaanii garaagarummaa qaba. kanumarraa dhaabbachuun haalli dubbii keenyaa kan jijjiiramuudha. Kanaaf bakkifi yeroon keessatti dubbatamu murteessaadha jechuudha. Haalli itti fayyadama afaanii mana barnootaa keessatti maal akka fakkaatu xiinxala kallattii garaagaraa itti kennuun qorannoo kana keessatti dhihaateera. Wiley (1996:130) irratti yoo ibsu, “Afaan barnootaa afaan barnoonni ittiin kennamu murteessuu, barsiisota afaanicha barsiisan qopheessuu meeshaalee barnootaa kan akka sirna barnootaa, silabasii, meeshaalee gargaarsa barnootaa qopheessuufi haala aadaa hawaasichaatiin walsimsiisuun dhiheessuudha.’’jedha. Afaan Oromoos erga carraa kana argatee manneen barnootaa sadarkaa 1faafi dhaabbilee leenjii barsiisotaa sadarkaa dippiloomaatti kan mootummaafi dhuunfaattillee afaan barnootaa ta’ee tajaajilaa jira. Akka barnoota afaanitii immoo oolmaa daa’immanii irraa kaasee manneen barnoota sadarkaa 1ffaafi manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti akka gosa barnoota tokkootti kan kennamaa jiruudha.

Dabalataanis Yuunivarsiitii keessatti digirii 1ffaafi 2ffaan ittiin kennamaa jira. Fulbaana, bara 2017 manneen barnootaa Afaan Oromoo afur Kutaalee magaalaa Finfinnee afur keessatti hojii baruufi barsiisuu jalqabaniiru. Isaanis Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa tokkoffaa kan Gullalleetti argamu, Mana Barumsaa Jeneraal Waaqoo Guutuu sadarkaa 1ffaa kan Kolfeetti argamu, Mana Barumsaa Gaara Guurii Sadarkaa 1ffaa Eekkaatti kan argamufi Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo Sadarkaa 1ffaa, kan Labuutti argamu maqaa isaanii kaasuun nidanda’ama. Manneen barnootaa kunneenis oolmaa daa’immanii irraa kaasee hanga kutaa 8 ffaatti hojii baruufi barsiisuu adeemsisaa kan jiraniidha. Oromoonni magaalaa Finfinnee keessa jiraatan osoo hinjaalatin ijoollee isaanii manneen barnoota afaan birootiin barsiisan keessatti, barsiisaa akka turan namoota hundaaf ifaadha.

Haaluma kanaan Manneen barnootaa dhuunfaafi Mootummaa Afaan Amaaraafi kanneen biroon barsiisan kanneen keessattis aadaa, seenaa, duudhaa, safuu, falaasama Oromoo barattoonni kunneen nibaratu jechuun dhugaa irraa kan fagaateedha. Sababni isaas kanneen kun hundi afaan waliin waan walqabataniifiidha. Manneen barnootaa Afaan Oromootiin barsiisuu eegalan kana irratti Oromoonni magaalaa Finfinneefi naannoo ishee jiraataniifi Oromoonni biyya alaafi biyya keessa jiraatan kun tarkaanfii tokko akka ta’etti fudhataniiru. Oromoonni naannoo magaalaa kanaafi maagaalicha keessa jiraatan ijoollee isaanii itti barsiifachuu danda’aniiru. Bifuma kanaan Magaalaa Finfinnee keessatti barnoonni Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziittiin kennamaa kan

jiruufi godinaalee addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee keessatti argaman hedduun isaanii Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barsiisaa jiru. Haa ta'u malee manneen barnootaa godina addaa keessa jiran keessattis muraasni Afaan Oromootiin barachaa turanis ni argamu.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo erga barnoota afaaniifi Afaan Barnootaa ta'ee sirni barnootaa qophaa'eefi tajaajiluu eegalee tureera. Haa ta'uu malee magaalaa Finfinnee keessatti tajaajilli kun gama barnootaan xiyyeeffannoon kennameefi akka barnoota afaaniifi afaan barnootatti tajaajilli kenne hinjiru jechuun nidanda'ama. Kun immoo dhiibbaa siyaasaatiin walqabatee dhiibbaa gahaa ture akka ta'e seenaa irraa hubachuun nidanda'ama. Haalli kun immoo afaan qofa irratti dhiibbaa geessisaa kan ture qofaa osoo hin taane aadaa, seenaa, duudhaa, dabalatee lafa uummatichaa irrattillee dhiibbaa guddaa geessiseera. Gama biroon immoo Uummannumti Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatu maatii isaa haala barbaachisaa ta'een afaan isaa fayyadamee barsiifachuuf ta'ee itti fayyadamuu irrattillee rakkachaa akka ture hubachuun nidanda'ama. Itti fayyadamni afaanii yoomeessa garaagaraa irratti kan hundaa'u yoo ta'u namoonnis karaa garaagaraatiin dhimma itti bahu.

Bifuma kanaan itti fayyadama afaaniin walqabatee qorannoo adeemsifaman yoo ilaallu: Nageessoo Duubee bara 2016, Qaacceessa fayyadama afaanii waldhabdee abbaafi ilmaa jaarsummaan furuu keessatti, Gammachiis Zawudee bara 2016, Xiinxala haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti, Zalaalam bara 2012 Xiinxala fayyadama Afaan Oromoo beeksisoota taappeellaa magaalaa Adaamaa jedhu irratti, xahaa Mohaammad bara 2016, qaaccessa itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Agaarfaa jedhan irratti kan hojjatan yoo ta'u, xiyyeeffannoon isaanii qaacceessa fayyadama afaanii mana murtiifi taappellaa irratti yoo ta'u kan qorataa kanaa immoo gama mana barnootaan ilaaluu, sababoota ijoo Magaalaa Finfinnee keessatti itti fayyadama afaanii mana barumsaa keessatti kallattii garaagaraan mul'atan maal akka ta'an eeruu, walii galtee keessatti immoo maal akka fakkaatu addaan baasuu dhimmoota jedhan kanneen isaanii irra adda kan godhuufi itti dabaluufis kan gargaaruudha.

Haaluma kanaan barattoonni kutaalee magaalaa Finfinneefi Godina addaa irraa akkasumas manneen barnoota garaagaraa irraa afaan adda addaatiin barachaa turan, seenduubee garaagaraa

qabaniifi barsiisonni kutaalee Oromiyaa garaagaraa irraa dhufan itti fayyadamni afaanii isaanii maal akka fakkaatu qaaccessuuf jecha gaaffilee ka'umsa qorannoo ta'an haala armaan gadiitiin kaa'era.

- Fayyadamni Afaan Oromoo Haala barattota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu maalfakkaata?
- Haalli fayyadama afaanii barsiisotaafi barattoota gidduutti mul'atu maal fakkaata?
- Fayyadama afaanii keessatti haalli fayyadama jechootaa maal fakkaata?
- Afaan kamiin tapha ijoollee taphatu?
- Haalli fayyadama afaanii mana barumsichaa guddina Afaan Oromootiif gumaacha maali qaba?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree kan of jalaa qabuudha.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Fayyadama Afaan Oromoo Haala Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa qaaccessuu

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannichaa kanneen armaan gadiiti.

- Haala fayyadama Afaan Oromoo barattoota mana barumsichaa ibsuu.
- Haala fayyadama afaanii barsiisotaafi barattoota gidduutti mul'atu ibsuu.
- Fayyadamni jechootaa Mana barumsaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuu.
- Haala fayyadama afaanii tapha ijoollee keessatti mul'atu addeessuu.
- Gumaacha fayyadamni afaanii mana barumsaa keessatti qabus guddina afaanitiif qabu addaan baasuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko erga gaggeeffameen booda qaamni inni gargaaru hedduudha. Haaluma kanaan faayidaan qorannoo jechuun, qorannichi bu'aa maali gumaacha?, rakkoo maali fura? Akkasumas

bu’aa qorannoo tokko irraa argamutti qaamota kamfaatu fayyadama kanneen jedhan kan ibsuudha.Walumaagalatti faayidaan qorannoo kanarraa argamu haala armaan gadiitiin taa’era.

- ✓ Haala itti fayyadama afaanii mana barumsichaa irratti hubannoo laata.
- ✓ Namoota mata duree kana fakkaatu irrratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’a.
- ✓ Madda ragaa ta’ee taa’uu danda’a.
- ✓ Namoonni garaagaraa kallattii kanaan xinqooqa hawaasaa waliin walqabsiisuun xiinxaluu danda’u.
- ✓ Barattootaafi hawaasa mana barumsaatiifis madda hubannoo ta’uu danda’a.
- ✓ Uummanni Oromoo afaan isaa akka dagaagfatuuf nigargaara.
- ✓ Guddina afaanichaatiif kallattii kaa’a.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorataan kun haala yeroo, baajataafi humna jiru irratti hundaa’uudhaan mata duree isaa bakkafi qabiyyeen daangesseera. Bifuma kanaan qorannoon kun kan gaggeeffame Manneen barnoota Afaan Oromoo Magaalaa Finfinneetti argaman keessaa, Mana Barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa kan kutaa Magaalaa Gullalleeti argamu irratti xiyyeeffate. Haaluma kanaan Qaaccessa Fayyadama Afaanii Haala Barattoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 kan jedhu ilaaluuf odeeffannoo funaannachuuf barattoota, barsiisotafi maatii barattootaa irratti daanga’eera.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon gaggeeffamu tokko guutummaa guutuutti hanqina hin qabu jechuun hin danda’amu. Kanaafuu qorannoon kunis hanqinoota garaagaraa qabuudha. Kanneen keessaa muraasni ragaaleen adda addaa Afaan Oromoon barreeffamee jiru dhibuufi namoonni odeeffannoo kennan fedhii guutuu dhabuu, yeroon qorannoo fi hojiin mootummaa adda ba’ee kennamuu dhabuu, Manni barumsichaa sababa haaraa ta’eef ragaaleen garaagaraa bifa qindaa’aa ta’een dhabamuu, kitaabilee wabii baay’inaan argachuu dhabuun hanqina biroo qoraticha mudatan ta’uu danda’u. Haa ta’u malee namoota odeeffannoo kennaan qoratichi dhimma walii gala qorannichaa hubachiisuun, yeroo argate hundatti fayyadamuun, namoota odeeffannoo kennaan ragaalee adda addaa Afaan Oromoon barreeffaman dhabullee, kanneen Afaan Ingiliziifi afaan biroon barreeffamanitti dhimma baheera. Walumaa galatti qoratichi hanqinoota kana keessa darbuun qorannoo kana fiixaan baasuu danda’eera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'i barruu faayidaalee garaagaraa kanneen akka mata duree irratti hubannaa bal'aa argachuu, mata duree murteessuu, daandeessuufi ibsuu, irra deebii irraa baraaramuu, kaayyoo kaawwachuuf, tooftaalee ragaa ittiin funaananiifi qaaccessan murteessuufis gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan qorannoo kana keessattis dhimmi kan itti bahameedha**.**

## 2.1 Fayyadama Afaanii

Afaan waliigaltee ilmaan namaa gidduutti uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Waantotni jireenya hawaasaa keessatti barbaachisan kan ittiin ibsan karaa itti fayyadama ta'a. Haalli fayyadama afaanii immoo iddoowwan garaagaraatti bifa garaagaraatiin hojiirra oola. Fayyadamni afaanii rakkoo afaaniin walqabataniif furmaata barbaaduun yaadhiddama bu'uuraa kaa'uu dha. Fakkeenyaaf, rakkoo afaan barnootaa yoo ta'e, afaan tokkoffaa, afaan lammaffaa yookiin afaan alaa baruu barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif furmaataa barbaaduudha.

Haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976) "Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo yookiin looga tokko keessatti haala dubbii seerlugaan yookiin jechaan uumamu yookiin afaanota yookiin loogota gidduutti uumama jechuudha". jechuun kaa'a. Kana malees, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan iddoo adda addaatti dhimmota hawaasa keessatti qabuudha.

Beekan (2015:5) Clark (1996), waabeffachuun yoo ibsu, itti fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta'in haala qabatamaa hojii hawaasichaan kan dhugoomuudha. Bifa kananis Clark (1996) qabxilee afur lafa kaa'e. Isaanis Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii (instance of language use), bal'ina itti fayyadama afaanii (areas of language), Ta'iinsa itti fayyadama afaanii (assumption of language use) fi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of language use) kanneen jedhaman itti fayyadama afaanii waliin walqabsiisee kaasera.

Dabalataanis, itti fayyadamni afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchafi amantii akkamii keessatti akka dubbataman kan hammatuudha.

*Clork (1996:391-392), yoo ibsu,*

*Afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaanitiiniidha.caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xiinsagaa, xinjechaa, xinhimaafi, xinhiika afaanichaati. Haa ta'uu malee, itti fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuun salphaa miti. Kunis, itti fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa qo'achuu waan ta'eef Itti dabaluun, qo'annoon itti fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu qo'annoon itti fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha.*

Dabalataanis Liulseged (1994), qo'annoo itti fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, "Hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatuudha. Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusaatiifi haalotiin kunis naannoo, mata duree, bakka hojiifi kkf fa'aa ta'uu danda'a jedhama. Garaagarummaa fayyadama afaanii afaan garaagaraa gidduutti qofaa osoo hintaane afaan tokko keessattis nimul'ata. Kunis garaagarummaa loogaafi garaagarummaa akkaataa fayyadamaa kan qabuudha.

Haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976) "Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo yookiin looga tokko keessatti haala dubbii seerlugaan yookiin jechaan uumamu yookiin afaanota yookiin loogota gidduutti uumama". Jechuun kaa'a. Kana malees, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii iddoo adda addaa dhimmota hawaasa keessatti qabudha.

Beekan (2015:5) Clark (1996), waabeffachuun yoo ibsu, itti fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta'in haala qabatamaa hojii hawaasichaan kan dhugoomuudha. Bifa kananis Clark (1996) qabxilee afur lafa kaa'e. Isaanis Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii (instance of language use), bal'ina itti fayyadama afaanii (areas of language), Ta'iinsa itti fayyadama afaanii (assumption of language use) fi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of language use) kanneen jedhaman itti fayyadama afaanii waliin walqabsiisee kaasera.

Itti fayyadamni afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchafi amantii akkamii keessatti akka dubbataman kan hammatuudha. Beekan, Clork (1996:391-392), waabeffachuun yoo ibsu,

*Afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaanitiiniidha.caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xiinsagaa, xinjechaa, xinhimaafi, xinhiika afaanichaati. Haa ta'uu malee, itti fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuun salphaa miti. kunis, itti fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa*

*qo'achuu waan ta'eef .Itti dabaluun, qo'annoon itti fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti.Kanaafuu qo'annoon itti fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha. Haala kanaan Liulseged (1994), qo'annoo itti fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatuudha. Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusaatiifs haalotiin kunis naannoo, mata duree, bakka hojiifi kkf fa'aa ta'uu danda'a jedha*

## 2.2 Haalota Fayyadama Afaanii Murteessan

Faayidaan afaanii tokko haa ta'u malee fayyadama afaanii irratti garaagarummaa bal'aatu mul'ata.Afaanota addunyaa kana irra jiran sababa adda addaan garaagarummaa adda addaa akka qaban beekamaadha. Garaagarummaan kun kan dhufuu danda'us garaagarummaa seenaa, iddoo jireenyaa, siyaasaa, teknooloojii, amantaa, aadaa fi kan kana fakkaatan irraa kan uumamedha.Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1987:84) "Language varies enormously in global importance because of historical, demographic, political, technological and social uses.''Akka ibsa kanaatti haallan fayyadama afaanii murteessan dinagdee, teeknoloojii, aadaa, gahee hojiifi kan kana fakkaataniidha.

### A. Dinagdee

Dinagdeen jireenya nama dhuunfaas ta'ee saba tokkoo keessatti gahee olaanaa qaba.Biyyi tokkoos kan guddattuu teeknoolojii fayyadamuu dinagdeedha.Afaaniifi dinagdeen wantoota addaan bahanii hin ilaalamneedha. Namni dinagdee yeroo guddatu afaan isaatiin fayyadameeti. Afaan waliin immoo duudhaa, safuu, eenyummaa, falaasama, seenaafi kana kana fakkaatan of keessatti hammata. Hawaasni dinagdeen guddate tokko walitti dhufeenya hawaasa biroo uuma. Yeroo kanaatti afaan biroo of keessatti hammachuun fayyadamuun nimul'ata. Dinagdee kana keessatti haalli itti fayyadama jechootaa, himootaa, malleen dubbii fikkf mul'chuu danda'u.

### B.Aadaa

Aadaan duudhaa, seenaa, safuu, ilaalcha, falaasama, barsiifata hawaasa tokkoo of keessatti hammata. Aadaan afaan irraa gargar bahee hin ilaalamu. Bakka afaan tokko guddateetti aadaan isaas ni bal'ata. Bakka aadaan dagaagetti seenaan hawaasichaa beekamaa deema. Waa'ee aadaa ilaalchisee, Wallace (1974:21) ''People from different cultural or linguistic background think differently and it even make fairly good social scientificense.'' Yaanni barreeffamichaa akka ibsuutti haallan fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaa isa tokko yoo ta'u, namoonni

aadaafi dandeettii garaagaraa qaban sadarkaafi hawaassummaa adda addaa qabu.Haalli jiruufi jireenya hawaassummaa namoootaa aadaafi duudhaa isaa irratti hundaa'a.Aadaan hawaasa tokkoo guddachaa, babal'achaa akkuma deemu haalli fayyadama afaan isaas walfaana jijjiiramaa deema jechuudha.

**C. Seenaa**

Hawaasni seenaa mataa isaa ta'e qaba.Seenaan kun immoo haala garaagaraan dhaloota irraa gara dhalootatti darba. Itti fayyadamni afaanii waa'ee seenaa nama dhuunfaas ta'ee hawaasa tokko dabarsuu keessatti itti gargaaraman kanneen biroo irraa adda ta'a.Jechoonni, gaaleewwan, himoonnifi kanneen biroo dhugaa qabatamaa karaa ibsuu danda'aniin kaa'amuu waan qabuuf namoonni aadaafi seenaa garaagaraa qaban haalli fayyadama afaanii isaan qabanis garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf Oromoonni magaalaa Finfinnee keessa jaarraa toko dura jiraachaa turan seenaan isaanii duudhaafi Afaan Oromoo faana kan walqabateedha.Yeroo ammaa garuu afaanota biroofi aadaa birootiin liqimsamee kan jiruudha. Kanaafuu haalli itti fayyadama afaaniillee bakkaafi yeroo waliin kan walqabatuudha. Fakkeenyaaf Finfinnee dur bulchaa kan ture Oromoota ta'uu seenaan yoo ibsu, Yeroo kanattis aadaa, seenaa, duudhaa Oromootafi Afaan Oromoo gargaaramaa turuu seenaan kan ibsu yoo ta'u, Itti Fayyadamni afaanillee haala kanneen waliin kan walqabateedha. Akkuma mootonni habashaa bulchaa turaniin immoo itti fayyadamni afaanii gara birootti duufaa kan adeemeedha. Kun immoo itti fayyadamni afaanii yoomessafi haala irratti hundaa'uudhaan jijjiiramuu danda'uu isaa nu agarsiisa.

**D. Barnoota**

Barnoonni Utubaa jireenya dhala namaa ta'uun kan gargaaruufi barnootaaf immoo afaan ittiin baratan murteessaadha.Barnoota keessattis haalli fayyadama afaanii saayinsii faana kan walqabatuufi dhimmoota baruufi barsiisuu waliin deemaniin kan mul'atuudha.Afaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbu dhiigaan osoo hintaane barnootaan waan ta'eef, barnoota keessatti immoo haalli itti fayyadama afaanii akkuma bakkeewwan garaagaraa yoomessa mataa isaa kan qabuudha. Manneen barnootaa keessatti baruufi barsiisuu keessatti haala afaanitti fayyadamaniifi jechoota adeemsa kana keessatti gargaaraniitti dhimma kan bahaniidha. Fakkeenyaaf yaada Jeneraal Taaddasaa Birruu yoo fudhanne; "Uummanni Oromoo Barachuu Qaba; Lammiin barate immoo Mirga isaa gaafata!'' Kun maal agarsiisaa Barnootaaf kakaasuufi bakka hin baranneetti

jijjiirama fiduu akka hindandeenye.Lammiin barate, bakka barbaade gahuu kan danda’uufi qabsoo keessatti barumsi furtuu ta’uullee kallattii kan kaa’eedha. Walumagalatti itti fayyadamni afaanii kun dirree barnootaa keessatti kan gargaaruufi uummata kakaasufillee gahee guddaa qaba jechuudha.

E. **Teeknoloojii**

Addunyaan kun yeroo ammaa meeshaalee teekinoolojii guyyaadhaa guyyaatti, sa’aatiidhaa sa’atiitti, daqiiqaadhaa daqiiqaatti walqunnamsiisuu danda’uun badhaatee walfaana akka humna isheetti tarkaanfachaa jirti. Meeshaalee teeknoolojii kunneenis guddina dinagdee hawaasa oomishee dhiheessuu faana walqabata. Afaaniis kanuma hawaasa Sanaa faana bakka bakkatti socho’a. Kun immoo itti fayyadama afaanii faana walqabatee meeshaalee teeknoolojii kanneen faana walqabsiisuun yaada, ergaa, ibsa, haala itti fayyadamaa waljijjiiruun kan mul’atuudha.Fakkeenyaaf moobayilii jecha jedhu fudhachuun nidanda’ama.

## 2.3. Imaammata Afaanii

Imaammanni afaanii dhimma afaanii ilaalchisuun qajeelfamoota karaa seera qabeessa ta‟een akka hojirra oolaniif bahaniidha. Yaada kana ilaalchisuun Milkeessaan (2015: 41) Schiffman (2005) wabeefachuun yoo ibsu:

> *Imaammanni afaanii imaammata hawaasummaa keessaa tokko ta‟ee, garuu hiika garaagaraatu kennamaaf. Imaammanni afaanii karaa seeraan tumameen (de jure) fi karaa hinlabsamneen (de facto) wixinaa‟ee hojirra ooluu danda‟a. Yaadrimeen imaammata afaanii, waa‟ee faayidaa, beekkamtii, walqixxummaa, filannoo afaan hojiifi mirgoota ummata afaanicha dubbataniin oolaniin walqabatee murteewwaniifi seerota bahan, qajeelfamootaafi kallattiiwwan ka ‟amaniifi hojirra oolanidha.*

Waraabbii kana irraa akka hubachuun danda’amutti Imaammanni afaanii karaa seera qabeessa ta’een seeronnifi qajeelfamni garaagaraa baheefi kan hojiirra oolaa jiru jechuudha. Haaluma kanaan murtee abbaa afaanichaa irratti hundaa’uun kallattiin kaa’ameef akka hojiirra ooluudha. Gama biraatiin ammoo Yonaataan (2014:63) waa‟ee imaammata afaanii yoo ibsu: *“The* language policy is like to be implemented effectively if it goes parallel with the society„s interests and beliefs and remain on paper if it is in contradiction with the society„s interests and beliefs. It is thus crucial to assess the interests and beliefs before a policy is implemented.” jedha.

Akka ibsa kanaatti, imaammata afaanii tokko osoo hojirra hinoolchiin dura amantaafi fedhii uummataa xiinxaluun barbaachisaa akka ta'eedha.

Imaammanni afaanii amantaafi fedhii uummataa osoo hinxiinxaliin hojirra oolu biyya tokko keessatti imaammata fayyadama afaaniifi haala qabatama hojiirra oolmaa isaa jidduutti garaagarummaanakka jiraatu taasisa. Mootummaan osoo amantaafi fedhii uummataa hinxiinxalin imaammata fayyadama afaanii labsu hinqabu. Imaammani fayyadama afaanii fedhiifi amantaa uummataa irratti hundaa‟ee qabatamaan yoo hojiirra oolu, fedhiifi amantaa ummataa kan hineegne ammoo waraqaa qofa irratti hafa. Kanaafuu, osoo imaammata fayyadama afaanii tokko hojii irra hinoolchin fedhiifi amantaa uummataa xiinxaluun murteessadha.

Haata‟u malee, imaammani afaanii irra caalaan isaa ittiyaadanii hojiirra oolchuu yoo ta‟u, karaa biraatiin osoo ittihinyaadin yoo hojiirra oolees fudhatama qabaachuu dand'a.Yeroo tokko tokko haalli imaammanni fayyadama afaanii tokko xiinxalamee hojii irraa yoo oole fudhatama ittidhabu nijira. Akkasumas, faayidaan afaanichaa faallaa imaammata labsamee ta‟uu dand'a. Hojiirra oolmaan imaammata fayyadama afaanii uummataan xiinxalame yoo hojiirraa oole bu‟a qabeessa ta‟uu danda'a.

Imaammatni afaanii Itiyoophiyaa haalaafi yeroo adda addaatti jijjiiramaa kan dhufeedha. Kunis, bara Mootummaa Hayila Silaasee irraa yoo jalqabame, biyyi kun heera barreeffamaa qindaawaa Mootummaa Hayilee Sillaasee dura baay‟inaan akka hinqabne mul'isa. Mootiin Hayila Sillaasee erga gara mootummaatti dhufee booda imaammata karoora afaanii baase. Heerri kunis kan bahe bara 1930 maqaa Tafarii Mokoniin yoo t'u, yeroo kanattis afaan hojii isa kam akka taheefi kam immoo akka hinfayyadamne wanti ibsame hinjiru. Haata‟u malee, heerrichi Afaan Amaaraatiin kan barreeffamedha jechuun (Getachoofi Derib, 2006) nibsu. Haaluma kanaan sirna mootummaa dargii keessatti akkuma mootummoota isaan duraatti Afaan Amaaraa akka afaan hojiifi dubbiitti naannoolee hunda keessatti tajaajila kennaa ture.

Imaammatni afaanii sirna mootummaa dargii keessatti mul‟atus kan sirna mootummaa Hayila Sillaasee faana walfakkaataadha. Erga Mootummaan Dargii gara aangootti dhufee yookiin 1974 kaasee haala ittifayyadama afaanii sabaafi sablamootaa ilaalchiise gara jalqabaa yommuu aangootti dhufuu fayyadama afaaniif mirga baay‟ee kennee ture. Yaada kanaaan kan walitti dhihaatu McNabb (1976) akka kaayeetti:

> *Given Ethiopia‟s Existing situation the problem of nationalities can be resolved if each nationality is accorded full right to self-government …. within its environments, it (each nationality) has the right to determine the contents of its political, economic and social life, use its own language and elect its own leaders and administrators to head its general organs.*

Gabaabumatti, bara mootummaa dargii keessatti rakkinootni afaaniin walqabatan kan furamuu danda‟u sabaafi sab-lammootni garaagaraa biyyatti keessatti argaman mirga guutuu ofiin ofbulchuu, siyaasa, dinagdeefi jireenya hawaasummaa ibsachuuf afaan isaaniin akka fayyadamaniifi mootummaa ofii isaanii filatanii mootummaa waliigalaan kan hogganaman yoo tahedha jechuun karoora akkasii hojiirra kan oolcheedha. .

Haalli imaammata afaanii yeroo mootummaa ammaa kana keessaa ammo, imaammataafi karoora haaraa sirna mootummoota darban irraa adda tahe qabatee kan dhufedha. Sirna mootummaa kana keessatti, yeroo jalqaba mootummaa ce‟umsaa keessa afaanootni biyyatti hedduun afaan barreeffamaa tahuu danda‟aniiru. Haaluma kanaan Heerri Mootummaa Federaalaa bara 1994 murteeffame ammoo seenaa imaammata afaanii biyyatti kan jijjiiredha.

Haaluma kanaan Afaanootni Itiyoophiyaa keessatti dubbataman hundi seera fuulduratti walqixa akka ta‟aniifi Afaan Amaaraa immoo afaan hojii mootummaa federaalaa akka ta‟e kan mirkaneeffamedha. Yeroon kunis haala ittifayyadama afaanii irratti jijjiirama guddaa kan fideedha. Sababni isaas, afaanootni biroo afaan mootummaa federaalaa hintahiin malee afaan naannoo keessatti dubbatamaniifi afaan barreeffamaa ta‟uu danda'u.

Bu‟uruma kanaan imaammanni fayyadama afaanii biyyaa keenyaa kan yeroo durii irraa jalqabe hojirra oolaa ture fedhifi amantaa uummataa irratti kan hinhundoofneefi Afaan Amaaraa qofa giddu galeeffachuun afaanoota isaan ala ta‟an irraatti dhibbaa geessiseera. Yaada kana ilaalchisuun Milkeessaan (2015:89) (Baahiruu, 2002; Mararaa, 2003; Assafaa, 2007) wabeeffachuun yoo ibsu:

> *Qorannoowwan imaammata afaanii mootummoota Itoophiyaa darban irratti godhaman dhibbaa afaanoota sabaafi sablammii irra gaheen walqabatee qaacceessa gurguddoo sadi kennu: (1) afaan tokkumeessuu: Afaan Amaaraa afaan tokkummaa Ithoophiyaa ta‟e (‛language unification), (2) afaan hacuucuu: Afaan Amaaraa afaanota sabaafi sablammii nicunqurse („ ‛language oppression), (3) afaan kolonii: Afaan Amaaraa afaanota biyyatti keessa jiran hunda gita-bittaa koloni jalatti ni kuffise, niquucarse (‛language colonialism”).*

Gababuumatti, yaadni kun biyyaa keenya keessatti imaammanni afaanii bara motoota darbanii keessaa hojirraa oolaa turan dhibbaa hangana hinjedhamne Afaanoota Itiyoophiyaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Amaaraan ala ta'an irraan gahaa akka tureedha.

Haa ta‟u malee, Chaartarri mootummaa ce'umsaa keeyyata 2 irratti mirga sabaafi sablamootaa, aadaa, seenaafi fayyadama afaan ofii guddisuufi fayyadamu, akkasumas mootummaa gidduu galeessaa keessatti uummata bakka bu‟anii hirmaachuu kan labseedha. Bu'uruma kanaan Afaan Oromoos afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta‟uun naannoo Oromiyaatti akka tajaajiluuf labsiin lafa kaawwame.Yaada kana ilaalchisuun Labsiin heera mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 1994 fooyya‟ee raggaasisuuf bahe keeyyata 5 irratti yoo ibsu "Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati; kan barreeffamuus qubee Afaan Oromootiin ta‟a jechuun lafa kaa‟a.

Kana malees, akkuma heera mootummaa federaalaa Itoophiyaa bara 1995 keewwata 5.3 jalatti ibsame,miseensonni federeeshinii biyyatti afaan hojii mootummaa mataasaanii akka murteeffachuu kan danda‟aniidha. Kanaafuu, biyya keenya keessa naannooleen sagal kan jiran yoo ta'u, naannoleen hundi akka murteeffataniif karaan baname. Haaluma kanaan Afaan Oromoo afaan hojii naannoo Oromiyaati. Haaluma kanaan naannoo Oromiyaa keessatti afaan hojii Afaan Oromoo, Afaan barnootaafi barnoota afaanii, qorannoofi qo'annoon bal'inaan akka ittiin adeemsifamu ta'e, kun immoo itti fayyadamni afaan oromoo yoomessi isaa akka bal'atuuf kan gargaaruudha. Haa ta'u malee guddina garaagaraa yeroo ammaa agarsiisaa jiruun walqabatee sadarkaa Afrikaatti 3ffaa ta'uu isaafi bal'inaan dubbatamu waan ta'eef itti fayyadama afaanichaa sadarkaa hundaan gahuun gahee keenya hundaati.

### 2.4. Qunnamtiifi Afaan Walitti makuu

Afaan wantoota hawaasni walitti dhufuun gamtaan akka jiraatan taasisan keessaa tokkoodha. Hawaasni haala jiruufi jireenya isaa keessatti walmakee jiraata. Hawaasni gamtaan jiraatu kun immoo si'a afaan fayyadamuu inni tokko afaan isa biroo afaan ofii keessatti galchuun yoo fayyadamu mul'achuu danda'u. Afaan walkeessa makuu jechuun yeroo namni haasawa isaa keessatti afaan garaagaraa galchuun dhimma itti bahu jechuudha. Zalaalam (1998:198-199) Gumperz fi Bakamba waabeeffachuun waa'ee afaan walitti makanii dubbachuu yoo ibsu, "Fayyadama afaanii keessatti afaan dubbataa jiran irraa gara afaan birootti ce'uun dhuma himootaa yookiin dubbii gidduutti jechoota, gaaleewwan, maxxantootafi himoota fayyadamuu

akka ta'e ibsee jira".Haaluma kanaan Hudson (1996 :52 ) yoo ibsu, "Speaks choose a language which the person understand.''jedha. Kunis Dubbataan afaan tokkoo afaan biroo filachuun akkaataa dhaggeeffataan hubatu taasisuudha. Yammuu afaan walitti makanii dubbatan afaan hundi seera mataa isaa waan qabuuf aadaafi duudhaa afaan tokkoo cabsuu danda'a.Kanaafuu afaan walitti makanii dubbachuun dhiibbaa mataa isaa danda'e qaba.

### 2.5. Itti Fayyadama Afaanii Xinqooqa Hawaasaa Keessatti

Faayidaan afaanii tokko haa ta'u malee fayyadama afaanii irratti garaagarummaa bal'aatu mul'ata.Afaanota addunyaa kana irra jiran sababa adda addaan garaagarummaa adda addaa akka qaban beekamaadha. Garaagarummaan kun kan dhufuu danda'us garaagarummaa seenaa, iddoo jireenyaa, siyaasaa, teknooloojii, amantaa, aadaa fi kan kana fakkaatan irraa kan uumamedha.Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1987:84 ) ''Language varies enormously in global importance because of historical, demographic, political, technological and social uses.''Akka ibsa kanaatti haallan fayyadama afaanii murteessan dinagdee, teeknoloojii, aadaa, gahee hojiifi kan kana fakkaataniidha. Dinagdeen jireenya nama dhuunfaas ta'ee saba tokkoo keessatti gahee olaanaa qaba. Biyyi tokkoos kan guddattuu teeknoolojii fayyadamuun dinagdee guddisuudha.Afaaniifi dinagdeen wantoota addaan bahanii hin ilaalamneedha. Namni dingdee yeroo guddatu afaan isaatiin fayyadameeti .Afaan waliin immoo duudhaa, safuu, eenyummaa, falaasama, seenaafi kana kana fakkaatan of keessatti hammata. Hawaasni dinagdeen guddate tokko walitti dhufeenya hawaasa biroo uuma. Yeroo kanaatti afaan biroo of keessatti hammachuun fayyadamuun nimul'ata. Dinagdee kana keessatti haalli itti fayyadama jechootaa, himootaa, malleen dubbii fikkf mul'chuu danda'u. Aadaan immoo duudhaa, seenaa, safuu, ilaalcha, falaasama, barsiifata hawaasa tokkoo of keessatti hammata. Aadaan afaan irraa gargar bahee hin ilaalamu. Bakka afaan tokko guddateetti aadaan isaas ni bal'ata.Bakka aadaan dagaagetti seenaan hawaasichaa beekamaa deema.

Waa'ee aadaa ilaalchisee, Wallace (1974:21) ''People from different cultural or linguistic background think differently and it even make fairly good social scientificense.''Yaanni barreeffamichaa akka ibsuutti haallan fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaa isa tokko yoo ta'u, namoonni aadaafi dandeettii garaagaraa qaban sadarkaafi hawaassummaa adda addaa qabu. Haalli jiruufi jireenya hawaassummaa namoootaa aadaafi duudhaa isaa irratti hundaa'a. Aadaan

hawaasa tokkoo guddachaa, babal’achaa akkuma deemu haalli fayyadama afaan isaas walfaana jijjiiramaa deema jechuudha.

Bifuma Itti fayyadamni afaanii waa’ee seenaa nama dhuunfaas ta’ee hawaasa tokko dabarsuu keessatti itti gargaaraman kanneen biroo irraa adda ta’a. Jechoonni, gaaleewwan, himoonnifi kanneen biroo dhugaa qabatamaa karaa ibsuu danda’aniin kaa’amuu waan qabuuf namoonni aadaafi seenaa garaagaraa qaban haalli fayyadama afaanii isaan qabanis garaagarummaa qaba. Fakkeenyaaf Oromoonni magaalaa Finfinnee keessa jaarraa toko dura jiraachaa turan seenaan isaanii duudhaafi Afaan Oromoo faana kan walqabateedha.Yeroo ammaa garuu afaanota biroofi aadaa birootiin liqimsamee kan jiruudha. Kanaafuu haalli itti fayyadama afaaniillee bakkaafi yeroo waliin kan walqabatuudha. Fakkeenyaaf Finfinnee dur bulchaa kan ture Oromoota ta’uu seenaan yoo ibsu, Yeroo kanattis aadaa, seenaa, duudhaa Oromootafi Afaan Oromoo gargaaramaa turuu seenaan kan ibsu yoo ta’u, Itti Fayyadamni afaanillee haala kanneen waliin kan walqabateedha.

Akkuma mootonni Habashaa bulchaa turaniin immoo itti fayyadamni afaanii gara birootti duufaa kan adeemeedha. Kun immoo itti fayyadamni afaanii yoomessafi haala irratti hundaa’uudhaan jijjiiramuu danda’uu isaa nu agarsiisa. Barnoonni Utubaa jireenya dhala namaa ta’uun kan gargaaruufi barnootaaf immoo afaan ittiin baratan murteessaadha.Barnoota keessattis haalli fayyadama afaanii saayinsii faana kan walqabatuufi dhimmoota baruufi barsiisuu waliin deemaniin kan mul’atuudha.Afaan dhaloota irraa dhalootatti kan darbu dhiigaan osoo hintaane barnootaan waan ta’eef, barnoota keessatti immoo haalli itti fayyadama afaanii akkuma bakkeewwan garaagaraa yoomessa mataa isaa kan qabuudha. Manneen barnootaa keessatti baruufi barsiisuu keessatti haala afaanitti fayyadamaniifi jechoota adeemsa kana keessatti gargaaraniitti dhimma kan bahaniidha. Fakkeenyaaf yaada Jeneraal Taaddasaa Birruu yoo fudhanne; “Uummanni Oromoo Barachuu Qaba; Lammiin barate immoo mirga isaa gaafata!’’ Kun maal agarsiisaa Barnootaaf kakaasuufi bakka hin baranneetti jijjiirama fiduu akka hindandeenye.Lammiin barate, bakka barbaade gahuu kan danda’uufi qabsoo keessatti barumsi furtuu ta’uullee kallattii kan kaa’eedha. Walumagalatti itti fayyadamni afaanii kun dirree barnootaa keessatti kan gargaaruufi uummata kakaasufillee gahee guddaa qaba jechuudha.

Manneen barnootaa bakka itti saayinsiifi teeknoolojiin keessatti hojiirran oolu yoo ta’u, manneen barnoota meeshaalee saayinsiifi teeknoolojiitti afaan dubbiitti fayyadamuun itti gargaaramuun

nidanda’ama.Yeroo ammaa meeshaalee teekinoolojii guyyaadhaa guyyaatti, sa’aatiidhaa sa’atiitti, daqiiqaadhaa daqiiqaatti walqunnamsiisuu danda’uun badhaatee walfaana akka humna isheetti tarkaanfachaa jirti.Meeshaalee teeknoolojii kunneenis guddina dinagdee hawaasa oomishee dhiheessuu faana walqabata. Afaaniis kanuma hawaasa Sanaa faana bakka bakkatti socho’a. Kun immoo itti fayyadama afaanii faana walqabatee meeshaalee teeknoolojii kanneen faana walqabsiisuun yaada, ergaa, ibsa, haala itti fayyadamaa waljijjiiruun kan mul’atuudha. Fakkeenyaaf moobayilii kaasuun nidanda’a.

### 2.6. Guddinaafi Itti Fayyadama Afaanii

Afaan tokko meeshaalee waliigaltee ta’ee dhaloota gargaaruu bira darbee mallattoo eenyummaa ta’ee utubuu keessatti gahee olaanaa qaba. Afaan tokko guddachuufi wantoonni mureessoo ta’an immoo kanneen armaan gadii isaan hangafa.

- Afaan Barnootaa
- Afaan hojii mootummaa
- Afaan qorannoofi qo’annoo
- Afaan Saayinsiifi teekinoolojii
- Baay’ina Uummataa

#### A. Afaan Barnootaafi Barnoota Afaanii

Afaan barnootaa jechuun afaan barnoonni garaagaraa ittiin kennamu jechuu yoo ta’u, barnootaa afaanii Jechuun immoo akka gosa barnoota tokkootti afaan sana barsiisuu jechuudha. Afaan Oromoosyeroo dhihoo keessa kan waggoota 25 hincaalle keessatti manneen barnootaa Oromiyaa keessa jiran irratti Afaan Oromoo akka gosa barumsa tokkootti barsiisuun hanga kutaa 12tti kan itti fufee jiru yoo ta’u,akka afaan barnootatti immoo kutaa 1-8 ffaatti gosoonni barnoota garaagaraa ittiin barsiifama jira. Sadarkaa kolleejjiiwwan Oromiyaa keessa jiran keessattillee afaan Oromootiin barnoonni kennamaa jira.Sagantaa Yuunivarsiitiitti digirii tokkoffaa kaasee hanga sadaffaatti Afaan Oromootiin kennamaa jira. Haalli kun immoo guddina afaanichaatiif gahee olaanaa qaba.

#### B. Afaan Hojii mootummaa

Afaan tokko afaan hojii ta’e jechuun, waliigaltee hawaassummaa keessatti iddoo olaanaa qaba jechuudha.Namoonnis jiruufi jireenya isaanii keessatti dhimma itti bahuun guddina afaanichaa

keessatti hirmaatu. Naannoo Oromiyaa Keessatti Afaan hojii Afaan Oromoo yoo ta'u,magaalaa guddoo Oromiyaa kan taate magaalaa Finfinnee keessatti immoo biiroolee Oromiyaa irraa kan hafe, Afaan hojii Afaan Amaaraati.Kun immoo guddina afaanichaas ta'ee hawaasni Oromoo bal'inaan akka magaalicha keessatti hirmaatee gahee isaa hin baaneef gufuu guddaa ta'eera. Kanaaf guddina afaanichi biyyoota ollaa keessattillee tajaajilaa jiru magaalaa finfinnee keessattillee mirekaneessuun dirqama ta'a. Kun immoo haqa afaanii, aadaa, duudhaa, seenaa oromoo deebisuu bira darbee walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu keessattillee gahee qaba.

**C. Afaan Qorannoofi Qo'annoo**

Qorannoon tokko kan gaggeeffamu rakkoo furuu, yaaxina haaraa fiduu, beekumsa haaraa fiduufi immaammata yookiin labsii garaagaraa fooyyessuuf kan gaggeeffamuudha. Qorannoon kun immoo jechoota afaanichaatiin waan gaggeeffamuuf guddina afaanichaatiif gahee olaanaa qaba.

**D. Afaan Saayinsiifi Teeknoolojii**

Saayinsiifi teeknoloojiin bu'uura guddina ilma namaa keessatti iddoo olaanaa kan qabuudha. Addunyaan yeroo ammaa gara tokootti dhufaa kan jirtuuf iccitiin isaa saayiinsiifi teeknoloojiin walqabachuu isaati.Fakkeenyaaf biyyoonni guddatan afaan isaanitiin meeshaalee garaagaraa qabatee kanneen walqunnamtiif gargaaran qopheessuun addunyaa kanaaf raabsu. Addunyaan kunis immoo meeshaa sanatti dhimma bahuuf afaanichaa hubachuun dirqama ta'a. Kun immoo guddina dinagdee biyya tokko keessattillee gahee qaba. Afaan Oromoo guddisuufi dinagdee Oromoo guddisuu keessatti walqabsiisuun irratti hojjachuun barbaachisaadha.

E. **Baay'ina Uummataa**

Baay'inni uummataa afaanicha inni dubbatu waliin walqabatee guddina afaanichaa keessatti ilaaluun ni danda'ama. Kunis haala jiruufi jireenyaan walqabatee bakka garaagaraa faca'ee yammuu jiraatu afaan isaa fudhateeti.kun immoo qaamni biroos akka baru gochuu keessatti nigargaara. Fakkeenyaaf Afaan Oromoo keeniyaa, ugaandaa, sumaaliyaafi biyyoota garaagaraa keessatti nidubbatama.kun immoo gara fuulduraatti guddisuuf kanneen armaan olitti ibse waliin walqabsiisuun barbaachisaadha. Dabalataanis barruutti fayyadamuun wantoota garaagaraa gaggeessuun guddina afaanichaaf qooda qaba**.**

### 2.7. Malleenya Qorannoon Kun Bu'uuraffate

Qorannoon kun maleenya garaagaraa kanneen armaan gadiitti barreeffaman irratti bu'uureeffamee kan gaggeeffameedha.

### 2.7.1 Maleenya Haasaa gadi fageenyaa

Gosa maleenya qaaccessaa ta'ee, faayidaa afaan yoomessa dubbatame tokko keessatti qabu kan qaaccessuudha. Xiyyeeffannoon isaa hariiroo waan tokko karaa hubannoo ta'uu danda'uufi tokko tokkoo isaanitti hiikaa kennuun danda'amuun kan xiinxalamuudha. Akkasumas malli kun dandeettiiwwan garaagaraa walitti fiduun akkaataa xiinxalamuu danda'uu irratti xiyyeeffachuun kan danda'uufi haala qabatamaa jiru giddugaleessa kan godhatuudha.

### 2.7.2 Maleenya Garaagarummaa Haasaa /Variational Analysis/

Maleenya akkaataa garaagarummaa fayyadama afaanii qo'atuudha. Garaagarummaa kanas haala inni ittiin uumamu danda'uufi haala inni garee adda addaa gidduuttiifi yeroo garaagaraa keessatti jijjiiramuu danda'u qo'achuun kan qaaccessuudha. Kanaafuu maleenyi kun akkaataa uumama garaagartummaa fayyadama afaaniifi haala jijjiirama afaanii qo'achuun kan qaaccessuu yoo ta'u, innis yoomessa garaagaraa keessatti haala kamiin akka afaanitti gargaaraman kan ibsuudha. Kunis danddeettiiwwan gurguddoofi xixiqqoo waliitti fiduun waliigalteef haala kan miijessuudha. Dndeettiiwwan hundaa walfaana fayyadamuuf kan bu'uureffameedha.

### 2.7.3 Maleenya Qunnamtii (Communication Approach)

Maleenyi kunmaleenya kanneen akka jijjiirraa, caaseffamaafi haasaa (pragmatic) tti aanee kan dhufe yoo ta'u, maleenyi kunis fayyadamummaa irratti hundaa'a. Maleenyi kunis beekumsa afaanii qofaaf osoo hintaane haala kamiin jireenya dhugaa faanawalqabsiisuun dhimma itti bahama kan jedhu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, maleenya kana jalattis ga'umsi garaagaraa sadii kan ilaalamu yoo ta'u, isaanis ga'umsa caaslugaa, ga'umsa xinqooqa hawaasaa, ga'umsa dubbiifi kanneen biroo yookiin (Verbal and non Verbal) iddoo tokkotti fidu irratti kan xiyyeeffatuudha.

## 2.8 Sakatta'a Barruu walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannaa mata duree kana faana walitti dhihaatan kan jalatti kaasuun ibsamaniidha. Haaluma kanaan qorataan waraqaa qorannaa isaa keessatti gargaaru danda'an jedhu armaan gadiitti kaaseera.

Xahaa (2016)" Mata duree 'Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo mana Murtii Aanaa Agaarfaa'jedhu Yuunivarsiitii Finfinneetti qorannoo gaggeeffame yoo ta'u, kunis haala itti fayyadama Afaan Oromoo irratti abbaan alangaa,qaamoleen haqaa, poolisoonnifi abbaan seeraa addaan baasuu irratti kan xiyyeeffatuufi kun immoo sababa afaan garaagaraa walitti makuufi dokumentii Afaan Amaaraan barreeffame jijjiiruu komii uummata biratti kaasee illee sakatta'uun kan kaasee yoo ta'u, qorannoo kan immoo wanti adda godhu Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti deebisanii dagaagsuu keessatti haala itti fayyadama barattootaa mana barumsaa keessatti maal akka fakkaatu, jalqabbiin jiru haala kamiin ibsamuu akka danda'u irratti kan xiyyeeffatameedha. Gama tokkoon wantoonni walfakkeessu immoo lachanuu itti fayyadama Afaan Oromoo gaggeeffamuu isaaniiti.

Zalaalam (2012) mata duree "Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo beeksisoota taappeellaa magaalaa Adaamaa jedhu irratti kan hojjatame yoo ta'u,argannoon qorannichaas taappeellaan magaalicha keessatti argaman dogoggora qubee, haala caasaa himaa,sirna tuqaalee,hanqina jijjiirraa maqaafi fayyadama jechootaa haala ifaafi ergaa dabarsuu danda'uun maxxanfamuu dhabuu yoo ta'u qorannoo kana waliin kan walfakkeessuu itti fayyadama Afaan Oromoo irratti xiyyeeffachuu isaaniifi addummaan isaa taappeellaa magaalaa keessatti maxxanfaman irratti xiyyeeffachuu osoo hintaane mana barumsaa keessatti maal akka fakkaatu,haala kamiin akka itti fayyadaman ibsuu irratti xiyyeeffachuu isaati.

Gammachiis (2016) ‘’ Xiinxala Haasbarruufi Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee' irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u kaayyoon isaanii akkaataa itti fayyadama afaaniifi haasbarruu Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru qaaccessuu, Rakkoolee itti fayyadama afaaniitiin walqabatanii mana murtii keessatti mul'atan addaan baasuufi Akkaataa jechoonni haaraan mana murtii keessatti itti uumamaniifi hojiirra oolan ibsuu fa'aan kaayyoo qorattoota kanneeniti.Argannoon isaanis jechoonni mana murtii keessatti itti fayyadamaniifi haasbarruun isaanii waliin makaa ta'uu, abbootiin dhimmaa dhimma itti fayyadama afaanii faana walqabatee komii kaasuu, Haalli moggaasa jechootaa gabaajeefi kanneen mana murtiifi

qaamolee seeraa faana walqabatan jiraachuun fa'aa argannoo qorannoo kanaati. Adda addummaan qorannaa kanneeni immoo tokko itti fayyadama afaanii qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kaan immoo haasbarruu waliin walqabsiisuun kan kaa'ameedha. Qorataan kun immoo qorannoo isaa keessatti itti fayyadama afaanii eenyummaa ijaaruu faana walqabatee maal akka fakkaatu, walitti dhufeenyifi garaagarummaan itti fayyadama afaanii irratti mana barumsaa bakkeewwan biroo faana maal akka fakkaatu kaa'uufi itti fayyadamni afaanii mana barumsaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuun kaayyoo qoratichaafi garaagarummaa qorannoo kanaan dura adeemsifame faana kan qabuufi kaayyoon isaa addaan ta'uun dhimma addaaniiti.

Misgaanuu ( 2014 ) Mata duree "Xiinxala qulqullina barreeffama Afaan Oromoo magaalota naannawa Finfinnee" isa jedhu irratti qorannoo kan gaggeesse, kaayyoon qorannichaas qulqullinni barreeffama Afaan Oromoo naannaawa Finfinnee maal fakkaata isa jedhu yoo ta'u, akka argannootti barreeffamni taappellaa garaagaraa irratti maxxanfaman qulqullina kan hinqabne ta'uu, hanqina  qubeessuu, itti fayyadama walqabsiiftuu,  haala jijjiirraa afaan tokko irraa gara afaan tokkootti ta'uu, hubannoo Afaan Oromoo irratti namoonni taappellaa barreeffamaa qopheessaan qaban gadaanaa ta'uufi xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu fa'aan argannoo qorannichaati. Qorannoo qorataa kanaa faana wanti walfakkeessuu haala itti fayyadama Afaan Oromoo haala barreeffamaa waliin wal fakkaachuu yoo ta'u, garaagarummaan jiru immoo itti fayyadama afaanii mana barumsaa irratti ta'uufi taappellaa irratti kan hinxiyyeeffanne ta'uu,akkasumsa magaalaa Finfinnee irratti xiyyeeffachuu qorannoo kanaati.

Nageessoo (2016) **"**Mata Duree Qaaccessa fayyadama Afaanii waldhabdeefi Ilma Jaarsummaan Furuu keessatti" jedhu digirii Lammaffaa Afaan Oromoof hogbarruun guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneef kan dhihaate. Qorannoon kun kaayyoon isaa haala fayyadama Afaan Oromoo waldhabdee abbaafi ilmaa jaarsummaan furuu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, argaannoon qorannichaas waldhabdee jaarsummaan furuun ulaagaa mataa isaafi adeemsa mataa isaa kan qabu ta'uu,qabiyyeen itti fayyadama afaanii jaarsummaa kana keessatti fayyadaman eebba, dubbii qolaa, guunguma, araarafi mammaaksa fa'aa yoo ta'u,qorannoo kana faana wanti walfakkeessu itti fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuu kaayyoo isaa ta'uu, gama garaagarummaa isaatiin immoo itii fayyadama afaanii mana barumsaa keessa jiru qaaccessuun walqabachuu isaati.

# BOQONNAA SADI: SAXAXAFI MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan saxaxa qorannichaa, mala qorannichi ittiin gaggeeffamu jalatti madda Odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa akkasumas malli qaaccessa ragaalee ibsamanii jiru.

## 3.1. Mala Qorannichaa

Malli haala waliigala qorannoo tokko kan to'atu ta'ee qorannoon tokko maal irratti akka xiyyeeffatuufi maal akka fakkaatu kan ibsuudha. Qorannichis mala akkamtaafi hammamtaan kan ibsameedha.Kanaaf gama biroon mala makoo jechuun nidanda'ama.Addunyaan (2011:61) akka ibseetti, "Malli qorannoo makoo, mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti dhimma ba'uurra hubannoo cimaa barbaada. Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkoorraa argamurra guulaadha"jedha. Ragaleen malleen kanaan ibsamees, adeemsa waliigalaa waa'ee itti fayyadama afaanii faana walqabatee ragaa jiran tokko tokkoon xiinxaluun mala ibsaatti fayyadamuun kan qaacceffameedha.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf akaakuu qorannoo ibsaa (describtive research) tti fayyadameera. Malli qorannoo kunis kan filatameef maloota funaansa odeeffannoo garaagaraatti fayyadamuun ragaalee dhugaafi qabatamaa ta'anii argaman addeessuuf waan gargaaruufiidha. Malli qorannoo addeessaa mala yaada qorannoo akkamtaafi hammamtaa of keessatti qabachuu danda'uudha.kana malees odeeffannoo afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaan argaman mala qorannoo kanaan qaacceffamuu danda'aniiru. Yaada asiin olii kana irra wanti hubatamu odeeffannoo afgaaffiifi daawwannaan funaanamaniif mala akkamtaan hojii irra kan oolaniidha. Odeeffannoon bargaaffiin funaanaman immoo lakkoofsaan waan ibsamaniif mala hammamtaatiin qindaa'aniira.

Haaluma kanaan, qorannoo ibsaa hojii amma jiru tokko maal akka fakkaatu gad fageenyaan sakatta'uuf bu'aa guddaa qaba. Qorannoon kunis meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka bar-gaaffii, af-gaaffiifi daawwannaa kan of keessatti hammateedha. Qoratichi odeeffannoo af-gaaffiifi daawwannaa bira ga'ee qulqulleeffate mala qorannoo kana fayyadamuun yaada isaa bal'inaan kan ibseedha. Ragaawwan bar-gaaffiidhaan argaman immoo lakkoofsa od-kennitootaa dhibbeentaatti jijjiiruun gabateedhaan toora toora isaaniin ibseera.

## 3.3 Madda Ragaalee

Qorannoo kun kan gaggeeffame handhuura Oromiyaafi magaalaa guddoo Oromiyaa kan taate Finfinnee Keessaa Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 1ffaa irratti yoo ta'u, Qorataan kunis akka iddattootti barsiisotaa, maatii barattootaafi barattoota mana barumsichaa irratti hundaa'uudhaan ragaalee funaannateera.

### A. Ibsa Odeeffannoo Barsiisotaa

Ragaaleen barsiisota ilaallatan qindaa'anii mata duree kana jalatti seenduubeen isaanii kaa'ameera**.**

| T/l | Ulaagaalee | | Baay'ina |
|---|---|---|---|
| 1 | koorniyaa | Dhiira | 17 |
| | | Dubara | 13 |
| | | Ida'ama | 30 |
| 2 | Umrii | 20-25 | - |
| | | 26-30 | 10 |
| | | 31-35 | 12 |
| | | 36-40 | 4 |
| | | 41-45 | - |
| | | 46 ol | 4 |
| | | Ida'ama | 30 |
| 3 | Sadarkaa Barnootaa | Dippiloomaa | - |
| | | Digirii | 29 |
| | | MA | 1 |
| | | Ida'ama | 30 |
| 4 | Afaan Dhalootaa | Afaan Oromoo | 30 |
| | | Afaan Amaaraa | - |
| | | Ida'ama | 30 |
| 5 | Afaan Lammaffaa | Afaan Oromoo | - |
| | | Afaan Amaaraa | 30 |
| | | Ida'ama | 30 |
| 6 | Bakka Jireenyaa | Finfinnee | 22 |
| | | Godina addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee | 8 |
| | | Ida'ama | 30 |
| 7 | Gosa Barnootaa | Afaan Oromoo | 14 |
| | | Afaan Ingilizii | 5 |
| | | Afaan Amaaraa | 1 |
| | | Herrega | 3 |
| | | Barnoota Lammummaa | 3 |
| | | Saayinsii | 4 |
| | | Ida'ama | 30 |

Gabatee 1: Seenduubee Barsiisota Odeeffannoo kennan kan agarsiisu

Akkuma odeeffannoo gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti barsiisonni guutummaatti 30 yoo ta'an isaan keessaa saalaan 17 dhiira yoo ta'an 13 immoo dubartiidha. Umrii isaanitiin 26-30 keessaa kan jiran namoota 10 yoo ta'an, namoonni 12 ta'an immoo umrii

31-35 gidduu jiraachuu isaaniiti.Umrii 46 ol ta’an immoo namoota 4 tu argamu.Sadarkaa barnootaan deeb-kennitoonni 29 ta’an digirii, kan qaban yoo ta’an, tokko immoo sadarkaa barnootaa MA, kan qabuudha.Gama afaan dhalootatiin kanneen 30 ta’an afaan dhalootaa Afaan Oromoo yoo ta’u afaan lammaffaan isaanii immoo Afaan Amaaraati.

Bakka jireenyaan walqabatee deeb-kennitoonni baay’inni 22 ta’an magaalaa Finfinnee keessa kan jiraatan yoo ta’u,kanneen 8 ta’an immoo Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee kan jiraataniidha. Gosa barnoota barsiisaniin immoo baay’inni isaanii 14 ta’an Afaan Oromoo, 5 Afaan Ingilizii, 1 Afaan Amaaraa, 3 Herrega, 3 Barnoota Lammummaafi Amala Gaarii akkasumas 3 saayinsii Naannoo kan barsiisan ta’uu gabatee armaan olii irraa hubachuun nidanda’ama.

## A. Ibsa Odeeffannoo Barattootaa

| T/l | Ulaagaalee | | Baay’ina |
|---|---|---|---|
| 1 | Koorniyaa | Dhiira | 157 |
| | | Dubara | 122 |
| | | Ida’ama | 279 |
| 2 | Sadarkaa Barnootaa | Kutaa 5 | 79 |
| | | Kutaa 6 | 75 |
| | | Kutaa 7 | 70 |
| | | Kutaa 8 | 55 |
| | | Ida’ama | 279 |
| 3 | Umrii | 10-15 | 213 |
| | | 16-20 | 51 |
| | | 21-25 | 15 |
| | | 26-30 | - |
| | | 30 0l | - |
| | | Ida’ama | 279 |
| 4 | Afaan Dhalootaa | Afaan Oromoo | 275 |
| | | Afaan Amaaraa | 4 |
| | | Afaan biroo | - |
| | | Ida’ama | 279 |
| 5 | Afaan Lammaffaa | Afaan Oromoo | 4 |
| | | Afaan Amaaraa | 275 |
| | | Afaan Biroo | |
| | | Ida’ama | 279 |
| 6 | Bakka Jireenyaa | Finfinnee | 81 |
| | | Godina Addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee | 198 |
| | | Ida’ama | 279 |

Fakkii 2: Seenduubee barattoota Odeeffannoo Kennan Kan Agarsiisu

Gabateen armaan olii ibsutti barattoonni odeeffannoo qorannoo kennan ibsi odeeffannoo isaanii gabatee armaan olii keessatti kan ka’e yoo ta’u, saalaan dhiira 122 fi dubara 157 waliigalatti 279 irraa odeeffannoon kan funaaname yoo ta’u sadarkaa barnoota isaanitiin kutaa 5 ffaan barattoota

70, kutaa 6ffaan barattoota 75, kutaa 7ffaan barattoota 70, kutaa 8ffaan barattoota 55 jechuun kanneen taa'aniidha. Umrii isaanitiin immoo 10-15 gidduu kan ta'an 213 yoo ta'u, umrii 16-20 immoo 51, barattoonni baay'inni isaanii 15 ta'an immoo umrii 21-25 gidduutti kan argamaniidha.Afaan dhalootaan walqabatee barattoota 275 ta'an afaan dhaloota isaanii Afaan Oromoo yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii 4 ta'an immoo afaan dhaloota kan Afaan Oromoo hintaaneedha. Barattoonni kanneen 275 immoo akka afaan lammaffaatti Afaan Amaaraa akka ta'e ibsu. Bakka jireenya isaaniitiin immoo deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 81 ta'an magaalaa Finfinnee keessa kan jiraatan yoo ta'u, deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 198 ta'an immoo Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee kan jiraataniidha.

### 3.4 Mala Iddatteessuu

Iddattoo qoratichi Qorannoo kana geggeessuuf itti fayyadame barattoota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa kutaa 5-8 baratan irratti kan xiyyeeffatame yoo ta'u, sababni barattoonni kunneen filatamaniifis fayyadama afaanii faana walqabatee ragaan barbaachisaa ta'e kutaa gadaanaa irra, isaan irraa argama jedhamee waan yaadameefi odeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuus nidanda'u jedhameeti. Haaluma kanaan, barattoota 929 dhiira 456 dubara 473 keessaa, kutaa 5ffaa dhiira 140 dubara 123 waliigala 263, kutaa 6ffaa dhiira 119 dubara 131 waliigala 249, kutaa 7ffaa dhiira 115 dubara 117 waliigala 232, kutaa 8ffaa dhiira 82 dubara 102 waliigala 184 kanneen ta'an irraa, mala iddatteessuu carraa harka buutee salphaatiin, kutaa 5 ffaan barattoota 70, kutaa 6ffaan barattoota 75, kutaa 7ffaan barattoota70, kutaa 8ffaan barattoota 55 irraa odeeffannoon funaanameera. Barsiisota kutaa 5ffaa hanga 8ffaa barsiisan dhiira 35 dubara 10 waliigala 45 ta'an keessaa maluma carraa fayyadamuun dhiira 17 dubara 13 waliigala 30 irraa mala carraa keessaa bifa malaan iddatteessuu (systematic sampling) fayyadamuun odeeffannoon barattoota mana barumsichaafi barattootoonni akkaataa ittii afaanitti fayyadamanii walqunnaman daree keessattis ta'ee dareen alattis maal akka fakkaatu ilaaluun kan idattoo kanneen iddatteessuun odeeffannoon funaanameedha. kana faana walqabatee Addunyaan (2011:66) irratti yoo kaa'u, "Akaakuun iddatteessuu kun qaama yookiin namoota odeeffannoon irraa funaanamu keessaa amma barbaannu tasuma yookiin carraan fudhachuuf gargaara. Akkaataa kanaan, deebkennitoonni qorannichaa kanneen dhimmichi ilaallatu akka bakka bu'anitti filatamu. Iddatteessuun kun mala lootoriis nijedhama.''jechuun lafa kaa'a. Gama biroon immoo maatii barattootaa dhimmoota

garaagaraatiif mana barumsaa dhufan mala miti carraa keessaa kaayyeffataa fayyadamuun baay'inni isaanii dhiira 14fi dubartii 8 waliigala namoota 22 ta'an irraa kaayyoo qorannichaa erga ibseefi booda yeroo garaagaraatti meeshaa funaansa raga afgaaffiin odeeffannoo waa'ee haala waliigalaa fayyadama afaanii barattootaan walqabatee kan odeeffateedha. Walumagalatti Qorataan kun, itti fayyadama afaanii faana walqabatee barattoota jiran keessaa barattoota kutaa 5ffaa hanga 8ffaa, maatii barattootaafi barsiisota irratti kan xiyyeeffateedha.

## 3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko yammuu gaggeessan odeeffannoo qulqulluufi ijoo ta'e argachuun barbaachisaadha. Dabalataanis waa'ee mata duree qoratamu sanaa odeeffannoo dhugaafi qulqulluu ta'e argachuun bu'aa barbaadamu buusuuf faayidaa guddaa qaba. Haaluma kanaan, odeeffannoon qorannoo kanaa malleen akkamtaafi hammamtaatiin kan adeemsifameedha. Malleen kuniskan filatamaniif odeeffannoo kennitoota irraa ragaalee barbaadaman argachuun nidanda'ama jedhameeti. Malleen kanneen keessatti odeeffannoon bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa hojiiirra kan oolaniidha. Sababni malleen odeeffannoon ittiin funaanaman heddummateefis mala tokkoon ragaan argamu quubsaa yoo ta'uu baate mala biroo irraa argamuu waan danda'amuufiidha. Qorataan kunis kanuma giddugaleessa godhachuun meeshaalee funaansa odeeffannoo bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaatti dhimma kan baheedha.

### 3.5.1. Bar-Gaaffii

Qoratichi meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun ragaalee barbaachisaa ta'e barattootaafi barsiisota iddattoo filataman irraa funaannateera. Mala kanas kan filateefis namoonni odeeffannoo kennan sodaa tokko maleefi bilisaan akka kennan gochuuf gahee olaanaa qaba. Dabalataanis si'a tokkotti namoota hedduu irraa odeeffannoo fudhachuuf kan ooluudha. Yeroo, humnafi baajata qusachuufis nigargaara. Gaaffilee bifa tokkoo namoota hundaaf dhiheessuufis miijawaadha. Sababa maqaan hin barreeffamneefis ragaan baay'ee barbaachisaa ta'e niargama jedhameeti.Yaada kana irraa wanti hubatamu namoota adda addaa lakkoofsaan hedduu ta'aniif bargaaffii dhiyeessuun gaarii akka ta'eedha. Dastaa (2010: 123) irratti akka ibsetti "Bargaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'ee argama.kanaaf sababa ta'uu kan danda'us; yeroofi humna qusata, eenyummaa odkennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha, odkennitoota

hundaafuu gaaffii walfakkaatuu dhiheessa, bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'afi qorataafi odeef-kennaa gidduu waliin dubbiin murteessaa miti.'' jechuun lafa kaa'a. Dabalataanis odeeffannoo garaagaraa daawwannaan adda baafachuu hindandeenye qulqulleeffachuufi kanneen daawwannaan argamanis xiinxaluuf na gargaara jechuun qorataan kun itti fayyadamuu danda'eera.

Haala kanaanis Bar-gaaffiin gosti lama barsiisotaafi barattootaaf kan dhihaateedha. Kunis barsiisotaaf gaaffilee kudha tokko ta'a, akkasumas barattootaaf immoo gaaffilee kudha shan ta'an kan dhihaateef yoo ta'u, deebiin isaanis boqonnaa afur jalatti qaacceffamee jira. Barsiisotaaf sababni dhihaateefis mana barumsichaa keessatti waan barsiisaa jiraniif yeroo daree barnootaa keessa, boqonnaa, konkolaataa keessaattis ta'ee yeroo barattoonni waliin socho'an itti dhiheenyaan waan arganiif odeeffannoo qorataan funaannate nicimsu dhimma jedhuun hirmaachiseera. Gaaffileen hundumti isaaniyyuu barbaachisummaa, kaayyoo qorannichaafi faayidaa isaanii irratti hundaa'uudhaan kan dhihaataniidha.

### 3.5.2 Af-Gaaffii

Af-gaaffiin mala ittiin qorataan odeeffannoo funaannate keessaa isa tokkoodha.Innis sirnaawaafi alsirnaawaa qabaachuu danda'a. sababoonni af-gaaffiin qorataan filatameef keessayyis gurguddoon yaada bal'aa ta'e argachuuf, qaamaan walbira waan jiraniif ragaa dhugaa himuu danda'u, Odeeffannaa qorataan argateen ala sochii qaamaa irraayyis odeeffannoo bal'aa argachuun nidanda'ama. Gama biroon daawwannaa keessatti waan ifa hintaane illee irra deddeebiin gaafachuun adda baafachuuf waan fayyaduuf qorataan kun gargaarameera. Wanta tokko irraa ka'uun qorataan adeemsa isaa jijjiiruu danda'a. Gaaffilee qulqulleeffachuu barbaadees irra deddeebiin qulqulleeffachuu danda'a. Qorannoo yaadrimee keessattis faayidaa guddaa qaba.

Dastaa (2010:11) Yaalew (2006) waabeffachuun afgaaffii yoo ibsu, "Afgaaffiin yeroo barbaadde fooyya'uu danda'a, yeroo afgaaffiidhaan odeeffannoo funaannu kan dubbatu caalaa sochii odkennaarraa odeeffannoo dabalataa argachuu dandeenya, od-kennitoonni yeroo tokko tokko deebii kennuudhaaf shakkii keessa galuu danda'u.Yeroo akkasii qorataan kaayyoo isaa sirriitti ifa gochuudhaan akka ifa godhanii deebisan gochuu danda'a. Odeeffannoo bar-gaaffiifi daawwannaan argachuu hindandeenye kan akka ilaalchafaa mala kanaan fayyadamuun argachuu

dandeenyafi odeeffannoo gadifageenyaan arganne sirriitti ibsuu barbaannu mala kanaan gaafannee itti fayyadamuu dandeenya.'' jechuun yaada isaa lafa kaa'a. Haaluma kanaan qorataan kunis meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti dhimma bahuun maatii barattootaaf gaaffilee sagal dursee qopheessuun kanaan dhiheesseef yoo ta'u, deebiin isaan kennanis boqonnaa afur keessatti kan dhiyaate yoo ta'u, gaaffileen kunneenis dabalee keessatti kaa'amee jira.

### 3.5.3 Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee funaansa odeeffannoo ta'ee, odeeffannoo af-gaaffiifi bargaaffiin argaman qulqulleeffachuuf kan ooluudha.Qorataan kunis sababni mala funaansa odeeffannoo kanatti dhimma baheefis odeeffannoo qabatamaatti haala afaanitti itti fayyadaman addaan baafachuuf dhimma kan itti baheedha. Sochii barattoonni yeroodhaa yerootti adeemsisan haala dubbii isaanii daree keessafi alatti, konkolaataa keessatti akkasumas haala faaruu garaagaraa itti faarfataniifi hirmaannaa isaanii addaan baasuuf yeroo yeroon hordofuunis adda baafateera kunis haalli fayyadama afaanii daree barnootaa keessatti, yeroo waliin taphatan, konkolaataa keessatti haala ittiin waliigalaniifi akka waliigalaatti itti fayyadama afaanii irratti qaban maal akka fakkaatu addaan baafachuuf bakkeewwan kanneenitti qaaman argamuun odeeffannoo kallattii garaagaraatiin argate daawwannaan dabaaluun kan qulqulleeffateedha.

## 3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorataan ragaalee funaanaman qacceessuuf deebiiwwan gaafannoo irratti hundaa'uun adeemsa qorannoo akkamtaafi hammamtaa fayyadameera.Gaaffilee barreeffamaan barsiisotaafi barattotaan deebiin itti kennaman erga qindaa'anii booda, deebiiwwan gaaffiichaa lakkaa'amuun roga isaaniitiin kaa'amaniiru. Tartiiba gaaffiiwwan dhiyaatanii hordofuun deebistoonni meeqa deebii kamiin akka filatan adda baafachuun mallattoon kaa'ameera.Baay'ina mallattichaa lakkoofsatti jijjiiruun baay'inni deebistootaa gabatee keessatti dhibbentaan (%) kaa'ameera. Dhibbentaan gabatee keessatti kan argaman immoo maal akka agarsiisan ibsuuf Qacceessi godhameera.

Gaaffiiwwan bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhihaatan irratti hundaa'uun deebii odimtootaan kennaman walitti funaanuun qindeesseera. Deebiiwwan bar-gaaffii jalatti qindaa'an deebiiwwan af-gaaffii jalatti qindaa'an wajjin walbira qabuun daawwannaan kan yeroo hunda sababa achi keessatti barsiisuuf kan adeemsifame yoo ta'u haala fayyadama afaanii mul'atu odeeffannoo argate waliin adda adda baasuun kan qaaccesseedha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan qaacceessa odeeffannoo funaanaman kanneen akka Haala ittiin barattoonni mana barumsaa garaagaraa keessatti afaan garaagaraatiin ittiin barachaa turan, dhiibbaa afaan birootiin barachuun afaan dhalootaa irratti qabu, wantoota fayyadama afaanii keessatti afaan garaagaraa dubbachuuf sababa ta'an, akkaataa daree barnootaa keessattis ta'ee alatti afaan waliin makuun fayyadaman, haala ittiin jechoota garaagaraatti fayyadaman, faarfachuu keessatti haala ittiin afaanitti fayyadaman, tapha keessatti haala ittiin afaanitti fayyadamaniifi fayyadamni afaanii guddina afaan tokkootiif gahee inni qabullee ibsameera.

## 4.1 Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Maatii Barattootaa

Af-gaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee qaamota odeeffannoo kennuu danda'an waliin qaamaan walqunnamuun ragaaleen barbaachisaa ta'an kan funaanamaniidha**.** Maatiin barattootaa odeeffannoo qorannoo kanaan kennaniin walqabatee gaaffilee dhihaateefif deebii banaafi cufaa ta'an garaagaraatiif deebii laatanii jiru. Isaanis kanneen jiraattoota magaalaa Finfinneefi naannawaa ishee irraa kan baay'inni isaanii dhiira 14 fi dubartoota 8 ta'an mala miti carraa keessaa kaayyeffataa fayyadamuun yeroo garaagaraatti haala mana barumsaatti argamaniin fayyadamuun qorataan kun odeeffannoo kan funaannateedha.

### A. Mana Jireenyaatti Afaan Fayyadaman

Gaaffileen mana jireenyaatti afaan fayyadamaniin afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun jiraa jedhuun walqabatee deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 14 ta'an eeyyee yoo jedhan kanneen 8 ta'an immoo lakki jechuun deebii isaanii kennanii jiru.kanneen eeyyee jedhan Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo kan fayyadaman ta'uu yoo ibsan kanneen lakki jedhan immoo Afaan Oromoo qofa jechuun ibsaniiru. Kanneen afaan garaagaraa fayyadaman akka sababaatti wanti isaan dhiheessan namoota afaan garaagaraa dubbatan keessa ooluu ijoollee keenyaafi adeemsa waliin jireenyaa keessatti waljala fayyadamuun kan mul'atuudha jechuun ibsaniiru.

Akkuma yaada kanaarraa hubachuu dandeenyuutti haalli itti fayyadama afaanii hawaasummaa faana kan walqabatuufi yeroo hawaasa afaan garaagaraa fayyadaman afaan walitti makanii fayyadamuun jira. Gama birootiin immoo amala afaanii keessaa tokko dhiigaan kan darbu osoo hintaane kan baratamuudha.Fakkeenyaaf ijoollee maatiin isaanii Oromoo ta'anii maatiin Afaan

Oromoo sirriitti fayyadamanii ijoolleen isaanii gonkumaa fayyadamuu hindandeenyeefi waliin makan sababa naannoo irraa barataniifi afaan amala hawaassummaa qabaachuu isaati.

Gama biroon miidiyaan meeshaa addunyaa waliin guyyaa guyyaatti wal arganiifi keessatti of ilaalaan ta'uun beekamaadha.Deebii od-kennitoonni kunneen odeeffannoo kennaniin walqabatee walqabatee miidiyaa Afaan Oromootiin tamsaasan kanneen akka OBN fi OBS jedhanii yaada isaanii kanneen kennan baay'inni isaanii 15 ta'an yoo kennan kanneen dabalatee diraamaafi fiilmii garaagaraa afaan birootiin darban illee kan hordofan ta'uu ibsaniiru. Kanneen baay'inni isaanii 7 ta'an immoo miidiyaa afaan garaagaraan dabarsan dabaree dabareen waan ilaalaniif tokko qofa ilaaluu jedhanii murteessuun hindanda'amu jechuun odeeffannoo isaanii kennaniiru.

Akkuma yaada kanarraa hubannu miidiyaaleen afaan garaagaraa dabarsan hedduun akka jiran beekamaadha. Miidiyaaleen kunneenis ergamafi kaayyoo mataa isaanii kan qabaniidha. Miidiyaa garaagaraa hordofuun odeeffannoo garaagaraa argachuuf murteessaa haa ta'uuyyuu malee xiyyeeffannoo olaanaan garuu miidiyaa afaan dhaloota isaaniitiin tamsaasaan yoo bal'inaan fayyadaman gahee olaanaa qaba. Fakkeenyaaf miidiyaalee Afaan Oromootiin tamsaasaan kanneen akka OBN, OBS fi OMN yoo fudhanne kaayyoon isaanii inni guddaan aadaafi afaan uummata oromoo dagaagsuu,aadaafi duudhaa barsiisuu,bakkeewwan hawwata turizimii garaagaraa hubachiisuu, seenaafi gootota Oromoo garaagraan walbarsiisuu, Afoola uummata Oromoo kan kuufamee jiru baasanii ibsuufi tokkummaa dagaagsuu keessattillee gahee guddaa waan qabaniifi hordofuufi duub-deebii kennaa deemuun dhaloota haaraa keessatti fedhiifi kallattii agarsiisuun barbaachisaadha.

Afaanota garaagaraa fayyadamuun walqabatee**,** deeb-kennitoonni kunneen yaada kennaniin Afaan Oromoo jechuun yaada isaanii yoo kennan garuu afaan Amaaraas yeroo tokko tokko fayyadamuun ni jira jechuun ibsanii jiru.Sababoota afaan biroo fayyadamaniifis yoo ibsan sabaafi sablammoota afaan garaagaraa dubbatan waliin jiraachuu, dhimmoota akka hawaassummaa,dinagdeefi siyaasaa keessatti waliin hirmaachuufi kkf walqabatee yeroo Afaan Amaaraa fayyadaman kan jiru ta'uu ibsanii jiru. Akkuma armaan olitti yaadota kennaman irraa hubachuu dandeenyu

Afaan Oromoo bal'inaan haa fayyadamanii malee Afaan Amaaraallee kan gargaaraman ta'uu hubanna. Oromoonni magaalaa Finfinnee keessaa gaafa dhiibamaa deemaan waan tokko yookiin

muraasa qofaanii miti. Aadaa, duudhaa, seenaa, safuu, seera ittiin of bulchaa turaniifi qabeenya isaanii irraallee dhiibamaniiru.Kun gaafa ta'u immoo cunqursaa afaan irratti gochuu dawoo godhataniiti. Kanaaf Oromoonni bakka jireenya isaanii irraa gaafa buqqa'an kanneen dhalootaan saba biroo ta'an fiduun irra qubachiisaniiru. Kun immoo Afaan, aadaa, seenaan Oromoo akka kanneen biroon liqimsamuuf shira raawwatameedha. Dabalataanis afaan hojii Afaan Amaaraa ta'uunillee dhiibbaa kana keessatti isa tokkoodha. Kanarraa kan ka'e Naannoo magaalaa Finfinneefi Finfinnee keessatti Afaan Amaaraa fayyadamuun madda ka'umsati jechuun nidanda'ama.

Manneen barnootaa kanaan dura ittiin barsiisaa turaniifi dhiibbaa inni qabuun walqabatee maatii barattootaaf gaaffileen dhiyaatee, deebii isaaniitiin manneen barnootaa dhuunfaafi mootummaa barnoota irratti bobba'anii jiran hedduudha. Manneen barnootaa kunis afaan garaagaraatiin kan barsiisaniidha.Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Amaaraafi Ingiliziitiin akkuma jiran Godina addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee keessatti immoo bal'inaan Afaan Amaaraan kan barsiisan akkuma jiran kanneen manneen barnootaa mootummaa ta'aniifi manneen barumsa dhuunfaa muraasni Afaan Oromootiin barsiisan ni argamu. Maatiin barattootaa gaaffii kanaan walqabatee deebii kennaniin kanneen baay'inni isaanii 15 ta'an Afaan Oromootiin kan barsiisan yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 7 ta'an immoo Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin akka barsiisaa turan ibsaniiru. Sababoonni afaan biroon barsiisaniis filannoo dhabuufi manneen barnoota mootummaa kanneen godina addaa jiran muraasa ta'ullee sababa jechuun kaasaniiru. Haalli kun immoo aadaa, duudhaa, seenaafi afaan ofii hubachuu bira darbee dinagdee keenya irrattillee dhiibbaa qabu ta'uu isaallee ibsaniiru.

Haala waliigalaa maatiin barattootaa, barattoota isaanii barumsan gahumsa akka argatan gochuu keessatti hirmaannaa cimaa haa qabaataniyyuu malee sababa garaagaraan manneen barnoota dhuunfaafi Afaan Amaaraan barsiisuun nimul'ata. Yaaduma kanarraa akka hubachuun danda'amutti maatiin baay'een mana jireenyaa isaanii keessatti Afaan Oromoo kan fayyadaman yoo ta'u, darbee darbee garuu sababoota sabaafi sablammoota garaagaraa waliin jiraataniif afaan biroos itti makanii fayyadamuun akka mul'atu kaasaniiru. Kun immoo barattoonni afheddee ta'uuf haa gargaaru malee dhiibbaa itti fayyadama Afaan Oromoo hanga barbaadan galmaan gahuu keessatti dhiibbaa qabaachuun isaa beekamaadha.

## 4.2 Qaaccessa Ragaalee Bargaaffiin Barsiisota Irraa Argaman

### A. Mana Barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliin waliigalu

| Mana barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliin waliigaltu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsan | Parsantiin |
| Afaan Oromoo | 27 | 90 |
| Afaan Amaaraa | 1 | 3.3 |
| Afaan Ingilizii | 1 | 3.3 |
| Afaan sadanuu | 1 | 3.3 |
| Ida'ama | 30 | 100 |

Gabatee 3: Afaan Barsiisonni Barattoota waliin walii Galan Kan Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti mana barumsaa keessatti afaan ittiin barsiisonni barattoota waliin waliigalan irratti hundaa'uun deeb-kennitoonni 27 lakkoofsaan ta'an yookiin 90% ta'an Afaan Oromootiin walii galuu yoo ibsan, namni 1(3.3%) immoo Afaan Amaaraa ta'uu yoo ibsan, namni 1 yookiin 3.3% Afaan Ingiliziin walii galu yoo ta'u, namni 1 yookiin 3.3% Afaan sadaniinuu kan waliigalan ta'uu ibsaniiru. Haala kanarraa wanti hubatamu manni barumsichaa Afaan Oromootiin hojii baruufi barsiisuu kan raaawwachaa jiru yoo ta'u, kanneen Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraan jedhan immoo gosa barnoota barsiisaniin walqabsiisanii ta'uu odeeffannoo qoratichaaf kennan nimirkaneessa. Kanaafuu akka waliigalaattii Afaan Oromootiin waliigalteen barattootaafi barsiisotaa kan adeemsifamaa jiru ta'uun hubatameera.

Gama biroon barsiisonni manneen barnoota Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti barsiisan guutummaatti Naannoo Oromiyaa garaagaraa irraa dorgommiin kan dhufan yoo ta'u, Sadarkaan barnoota isaanii immoo digirii tokkoffaa barsiisota digdamii sagal fi digirii lammaffaa immoo barsiisaan tokko kan qabaniidha. Kun immoo muuxannoo gahaafi waggaa shani ol qaban kan ramadaman ta'uu ulaagaalee dorgommichaafi erga dorgomanii booda argame ni addeessa. Haalli kun immoo dandeettii barattootaa cimsuu bira darbee Afaan Oromootti fayyadamuufi Muuxannoo gama itti fayyadama Afaan Oromootiin qaban dandeettii barattootaa cimsuu keessatti gahee armaan gadii qaba. Tokkoffaa dandeettiifi muuxannoo qabanitti gargaaramuun barattoota kanneen gahoomsuu, Lammaffaan immoo aadaa, duudhaa, seenaa, afaan uummata Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa bahee qarqaratti dhiibamaa dhufe iddootti deebisuun barattoonnillee akka baratan gochuu keessatti gahee olaanaa qabu, Inni sadaffaa hawaasa kanatti

dabalamuun barsiisota kanaa carraa uummata waliin jiraachuu waan qabaniif barattoota bira darbee uummaticha barsiisuufi kakaasuu keessattillee gahee olaanaa qaba. Arfaffaan fedhiin barattootaa yeroodhaa yerootti akka dabalaa adeemuuf hojiilee gorsuu, marii'achiisuu, hamilee keessatti uumuu fa'aa taasisuun gahee barsiisonni kunneen dandeettii barattootaa cimsuu keessatti qabaniidha.

**B. Haala itti Fayyadama Afaan Oromoo waliigaltee keessatti barattoota gidduutti Mul'atu**

| Adeemsa Waliigaltee keessatti barattoonni afaan kam fayyadamu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsaan | Parsantiin |
| Afaan Oromoo | 14 | 46.6 |
| Afaan Amaaraa | 5 | 16.7 |
| Afaan Ingilizii | - | - |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | 11 | 36.7 |
| Ida'ama | 30 | 100 |

Gabatee 4: Akaakuu Afaanii Itti Fayyadama Afaanii Barattoota Gidduutti Mul'atu kan Agarsiisu

Gabateen kun kan ibsu akka odeef- kennitoonni lakkoofsaan 14 (46.6%) ta'an baroottoonni adeemsaa waliigaltee keessatti Afaan Oromoo fayyadamu yoo jedhan kanneen baay'inaan namoota 5 yookiin parsantiin 16.7% ta'an Afaan Amaaraan waliigalu yaada jedhu ibsaniiru. Od-kennitoonni lakkoofsaan 11 ta'an yookiin 36.7% ta'an immoo adeemsa waliigaltee keessatti barattoonni Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta'uu ibsu. Akka waliigalatti odeeffannoo kanarraa wanti hubatamu barattoonni adeemsa waliigaltee keessatti harki caalaan Afaan Oromoo haa fayyadaman malee kanneen Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo waliin makuun fayyadamanis kan jiran ta'uu hubanna.

**C. Afaan garaagaraa walitti makuun fayyadamuu**

| Mana Barumsaa Keessatti Afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun nimul'ataa? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsaan | parsantiin |
| Eeyyee | 30 | 100 |
| Lakki | - | - |
| Ida'ama | 30 | 100 |

Gabatee 5: Haala Afaan Garaagaraa waliin Makuu Barattootaa Kan Agarsiisu

Deeb-kennitoonni deebii kennan keessaa 30 yookiin parsantii 100% barattoonni afaan garaagaraa waliin makuun kan fayyadaman ta'uu kan mul'isaniidha.kunis adeemsa baruufi barsiisuu keessatti osoo hintaane adeemsa waliigaltee isaan gidduutti adeemsifamu irratti kan hundaa'e ta'uun armaan olitti ibsamee jira.

## D. Sababoota Afaanota Garaagaraa Waliin Makuun Fayyadamuu

Afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun kan mul'atuu namoota irra caalaatti af-tokkee osoo hintaane af-heddee fayyadaman gidduutti mul'ata. Kun immoo haala bakka guddinaa, barnootaafi walitti dhufeenya isaan namoota garaagaraa waliin taasisan irratti kan hundaa'eedha. Haala itti fayyadama afaanitiin walqabatee barattoota gidduutti gama afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuu maal fakkaata dhimmoota jedhaniin walqabatee deeb-kennitoonni yaada isaanii sababoota jedhanii kan kaasan haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

Sababni inni jalqabaa hawaasa Afaan Amaaraa dubbatan keessatti dhalatanii afaan hiikkachuu isaanii yoo ta'u, kunis maatiin isaanii Oromoo ta'anillee naannoon keessatti dhalatan Afaan biroo dubbachuun isaanii sababa afaan walitti makuu ta'uu, Naannoo mana jireenya isaanitti kanaan dura Afaan Amaaraa qofa fayyadamuu, Maatii tokko tokko birattillee Afaan Amaaraatiin waliigaluun mul'achuufi manattillee Afaan Amaaraa fayyadamu, Gama birootiin barattoonni kunneen Afaan Oromootiinillee afaan yoo hiikkatan mana barumsa dhuunfaa keessatti Afaan Amaaraan barachuu, irraa kan ka'e yeroo gara Afaan oromootti dhufan immoo isa duraan ittiin baratan waliin walii makuu, itti fayyadamni afaanii bakka jireenyaa waliin walqabachuu, Barattoonni baay'een manneen barnootaa Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin barsiisan irraa dhufuu, Barattoonni Afaan Oromootiin afaan hiikkatanillee kanneen ittiin hin hiikkanne waliin waliigaluuf fayyadamuu, Maatiifi naannoo irraa dhufan irraa kan maddu ta'uu, waliin jireenyaa hawaasa afaan garaagaraa dubbatan irraa kan maddu ta'uu,hawaasni naannoo dhiibbaa sirna gita bittoota yeroo dheeraaf naannoo kana hacuucanii bulchan irraa kan ka'e Afaan Amaaraan barataafi dubbataa turuu,akkasumas maatiin baay'een deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuuf Afaan Amaaraatiin kan baratan ta'uu, Finfinneefi naannawa Finfinnee irraa kan dhufan irraa kan madde naannoo kanatti immoo bal'inaan Afaan Amaaraa fayyadamuu, Afaan Oromoo yeroo dheeraadhaaf meeshaa walqunnamtii osoo hingodhatin turuu, Afaan Oromoo maatii irraallee yoo baratan Afaan Amaaraa naannoo irraa barachuu irraa kan dhufe ta'uufi Finfinnee keessatti afaan hojii, barnootaa, saayinsiifi qorannoo garaagaraa Afaan Amaaraafi Ingilizii ta'uun dhiibbaa qabachuu.

Akka waliigalaatti yaada kanarraa wanti hubannu hacuuccaafi gita bittoota habashaa yeroo dheeraaf saba kanarra turee sagantaa "Amarazation'' hojiirra oolchuu gama amantaa, afaaniifi

kanneen biroo irraa kan ka'e walitti makuufi fayyadamuu dhabuu namoota Finfinneef kanneen biroof sababa ta'eera.

### E. Wantoota Afaan Barattoonni Ittiin Barachaa Turan Agarsiisan

Barattoonni afaan duraan ittiin barachaa turan wantoonni agarsiisan hedduun akka jirutti deeb-kennitoonni qorannoo kanaa yaada isaanii ibsu.kunis wantoota agarsiisan keessaa barreessuufi dubbisuu irratti hanqinni jiraachuu, Afaan Oromootiin haalan fayyadamuu dhabuu, Afaan Oromootiin osoo dubbachaa jiranuu afaan birootiin waliin makuu, ragaa barnoota isaanii kan kanaan dura ittiin barachaa turan gosa barnootatiin kan ibsu, adeemsa waliigaltee keessatti afaan waliin makanii haasa'uu,Manneen barnootaa dhuunfaa baay'een Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barsiisaa jiraachuu, Afaan duraan ittiin barataniin dubbachuu, Waan Afaan Oromootiin baratan Afaan Amaaraatti hiikuuf yaaluu,Finfinnee keessatti afaan hojiifi barnootaa Afaan Amaaraa ta'uufi kanneen achi keessatti guddatan ittiin barachuuf dirqamuufi filannoo biraa dhabuu,haala dubbiifi gahumsa yeroo isaan afaanitti fayyadaman mul'aturraa, Afaan Amaaraa akka afaan lammaffaatti ittiin barachaa turuunis wantoota mul'isaniidha.Yeroo baay'ee Afaan Amaaraatiin waliigaluufi barreeffama tokko tokko afaan biroon barreessuuf yaaluu. Akkasumas Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin kan barsiisan manneen barnootaa kan hinturre ta'uufi fudhannaa barnootaa irratti bakka tokko tokkootti harkifannaan jiraachuufi dubbii isaanii keessatti afaan garaagaraa waliin makanii dubbachuun wantoota afaan biroon barachaa turuu isaanii agarsiisan akka ta'e od-kennitoonni ibsaniiru. Haalli kun immoo sirnoota darban irraa kan madde ta'uun isaa armaan olitti ibsamee jira.

### F. Sadarkaa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Barumsichaa

| Haalli waliigalaa itti fayyadamaa Afaan Oromoo mana barumsaa keessaa sadarkaa maali irra jira? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantii |
| Olaanaa | 8 | 26.7 |
| Giddugaleessa | 21 | 70 |
| Gadaanaa | 1 | 3.3 |
| Ida'ama | 30 | 100 |

Gabatee 6: Sadarkaa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Barumsichaa Kan Agarsiisu

Gabatee kanarraa akka hubachuun danda'amutti akka waliigalaatti itti fayyadama Afaan Oromoo mana barumsichaatiin walqabatee sadarkaa isaa ibsuu irratti namoonni baay'inaan 8 (26.7%)

ta'an olaanaadha jedhanii yaada isaanii yoo kennan,kanneen baay'inni isaanii 21 (70%) ta'an immoo sadarkaa giddugaleessaa irra jiraachuu isaa yoo ibsan, kan 1 ta'u yookiin parsantiin 3.3% ta'u immoo gadaanaa jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Yaadota kanarraa akka hubannutti Manneen barnootaa Afaan Oromootiin barsiisan kan magaalaa Finfinneetti banaman bara kana keessa kan ta'eefi barattoonni kanaan dura manneen barumsa dhuunfaatti barachaa turan Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii ta'uufi yeroo ammaa kana immoo Afaan Oromootiin banamuun rakkoolee kanaan dura turan furuu bira darbee eenyummaa deebisuu keessatti gahee olaanaa qaba waan ta'eef, manneen barnootaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee babal'isuufi sadarkaa amma irra jiru giddugaleessafi itti aansuun olaanaa ta'e olguddisuun gahee hundaati. Akkasumas odeeffannoo deeb-kennitoonni kunneen kennaniin akka waliigalatti haalli itti fayyadama Afaan Oromoo mana barumsaa kanaa guddina Afaan Oromootiif miijataa ta'uu ibsaniiru. Kanaafis wanti akka fakkeenyatti kaasuun danda'amu,barattoonni dubbachuu hindandeenye dubbachuu eegaluu, barreessuufi dubbisuu irratti jijiiramni jiraachuu, barattoonni garaagaraa manneen barnoota garaagaraa irraa afaan garaagaraatiin barachaa turan gara afaan tokkoon barachuutti waan dhufaniif fedhiin isaanii kallattii tokkotti deemuu, huccuu aadaafi wantoota mallattoo Oromummaa mul'isan garaagaraa agarsiisuun fa'aa ibsituu guddina afaanichaa mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruuti jechuun yaada isaanii kennaniiru.Haalli kun immoo daawwannaanis kan mirkanaa'eedha.

## 4.3 Qaaccessa Bargaaffii Barattoota

### A. Mana Barumsaa keessatti Afaan Oromootiin ala Afaan Fayyadamaniin walqabatee

| Mana barumsaa keessatti Afaan Oromootiin ala kan fayyadamatan jiraa? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Eeyyee | 209 | 74.9 |
| Lakki | 70 | 25.1 |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee 7: Ragaa Afaan Oromoon Ala Afaan mana Barumsaa Keessatti Barattoonni Fayyadaman Kan Agarsiisu

Gabateen kun akkuma ibsu mana barumsaa keessatti Afaan Oromootiin ala afaan fayyadamaniin walqabatee deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 209 (74 %) ta'an afaan biroo kan fayyadaman ta'uu yoo ibsan deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 70 (25.1) ta'an immoo Afaan Oromoo qofa

akka fayyadamanitti deebii isaanii kennanii jiru. Akka waliigalaatti deeb-kennitoonni kun Afaan Oromootiin ala afaan birootiin illee akka waliigalaniifi fayyadaman kan mul'isuudha.

| ''Eeyyee'' Afaan biroo Afaan oromootiin ala kan fayyadaman | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | parsantiin |
| Afaan Amaaraa | 265 | 94.9 |
| Afaan Ingilizii | 11 | 3.9 |
| Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii | 3 | 1.2 |
| Afaan biroo | - | - |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee 8: Ragaa Afaan Oromootiin Ala Afaan Fayyadaman Kan Agarsiisu

Afaan biroo deeb-kennitoonni kun fayyadamaniin walqabatee Afaan Oromootiin alatti deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 265 (94.9%) kanneen ta'an Afaan Oromoo cinaatti Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta'uu yoo ibsan, deeb-kennitoonni 11 (3.9%) ta'an Afaan Ingilizii kan fayyadaman ta'uu yammuu kaasaan, deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 3 (1.2%) ta'an immoo Afaan Oromoo dabalatee Afaan Amaaraafi Ingilizii kan fayyadaman ta'uu ibsaniiru. Deeb-kennitoota kanarraa akka hubachuun danda'amutti Afaan Oromoo fayyadamuu cinaatti deeb-kennitoonni kun Afaan Amaaraa bal'inaan kan fayyadaman ta'uu agarsiisa. Kun immoo seenduubee bakka jireenyaafi manneen barumsaa duraan itti barachaa turan bu'uura kan godhate ta'uu agarsiisa.

**B. Walii Galtee keessatti Afaan Barsiisota Waliin Fayyadaman**

| Barsiisota waliin Afaan kamiin waliigaltu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | parsantiin |
| Afaan Oromoo | 230 | 82.5 |
| Afaan Amaaraa | 21 | 7.5 |
| Afaan Ingilizii | 28 | 10 |
| Afaan biroo yoo jiraate | - | - |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee 9: Ragaa waliigaltee keessatti Afaan Barattoonni barsiisota waliin walii Galiin Kan Agarsiisu

Akkuma gabateen armaan olii ibsutti barsiisota waliin afaan kamiin waliigaltu jedhamee gaaffii dhihaateefiin walqabatee deeb- kennitoonni baay'inni isaanii 230 (82.5%) ta'an Afaan Oromootiin kan waliigalan ta'uu yoo ibsan, kanneen baay'inni isaanii 21 (7.5%) ta'an immoo Afaan Amaaraa waliigaltee barsiisota waliin taasisan keessatti kan fayyadaman ta'uu ibsaniiru.

Deeb-kennitoonni 28 (10%) ta’an immoo Afaan Ingilizii kan fayyadaman ta’uu ibsaniiru. Akka waliigalaatti adeemsa waliigaltee keessatti Afaan Oromoo fayyadamuun barsiisota faana kan waliigalan ta’uu hubanna.

### C. Waliigaltee keessatti Hiriyoota Isaanii Waliin Afaan Fayyadaman

| Hiriyoota keessan waliin afaan kamiin waliigaltu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | parsantiin |
| Afaan Oromoo | 147 | 53 |
| Afaan Amaaraa | 31 | 11.1 |
| Afaan Ingilizii | 12 | 4.3 |
| Afaan Oromoofi Afaan Ingilizii | 11 | 3.7 |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | 78 | 27.9 |
| Afaan biroo yoo jiraate | - | - |
| Ida’ama | 279 | 100 |

Gabatee 10: Ragaa Barattoonni Hiriyoota Isaanii Waliin Afaan Ittiin Walii Galan Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda’amutti deeb-kennitoonni kun adeemsa hiriyoota isaanii waliin waliigaluu keessatti afaanota fayyadaman haala kanaan kaasaniiru. Kunis deeb-kennitoonni baay’inni isaanii 147 (53%) ta’an Afaan Oromootiin kan waliigalaniifi waliigaltee keessatti fayyadaman ta’uu yoo ibsan,deeb-kennitoonni baay’inni isaanii 31 (11.1%) ta’an immoo Afaan Amaaraa fayyadamuun waliigaltee kan adeemsisan ta’uu ibsaniiru. Deeb – kennitoonni baay’inni isaanii 12 (4.3%) ta’an waliigaltee hiriyoota isaanii waliin adeemsisan keessatti Afaan Ingilizii kan fayyadaman ta’uu gabaticha irraa hubachuun nidanda’ama. Deeb-kennitoonni 11 (3.7%) ta’an immoo Afaan Oromoofi Afaan Ingilizii waliin makuun kan fayyadaman ta’uu yoo ibsan, kanneen baay’inni isaanii 78 ( 27.9%) ta’an Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta’uu ibsaniiru.Afaan kanneen irraa kan hafe afaanota biroo kan hinfayyadamne ta’uu gabatee armaan olii irraa hubachuun nidanda’ama. Akka waliigalaatti deeb-kennitoonni hedduun hiriyoota isaanii waliin walii galuu keessatti Afaan Oromoo kan fayyadaman yoo ta’uu, Afaan garaagaraa Jechuun Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa akkasumas Afaan Ingilizii faana walitti makanii kan dubbatanii waliigalanis itti aanu. Kanneen hiriyoota isaanii waliin waliigaltee keessatti Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii fayyadaman illee muraasni kan jiraniidha. Gabaabumatti Afaan Oromoo bal’inaan kan fayyadaman ta’uu hubanna.

**Afaanota Duraan Manneen Barnootaa Birootti Ittiin Barachaa Turan**

| Manneen barnootaa duraan itti barachaa turtan afaan kamiin barsiisu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Afaan Oromoo | 116 | 41.6 |
| Afaan Amaaraa | 76 | 27.2 |
| Afaan Ingilizii | 13 | 4.7 |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | 3 | 1 |
| Afaan Oromoofi Afaan Ingilizii | 5 | 1.8 |
| Afaan sadanuu | 66 | 23.7 |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee :11 Ragaa Afaanota Duraan Barattoonni Afaan Ittiin Barsiisaa Turan Agarsiisu

Manneen barumsaa magaalaa Finfinnee keessatti banamanii hojii baruufi barsiisuu eegalan bara 2017 baatii Fulbaanaa keessa ta'uun waan ifaadha.baroota kanaan dura jiran keessatti garuu Oromoonni magaalaa Finfinnee keessa jiraatanis ta'ee kanneen naannawa Finfinnee jiraatan manneen barumsaa dhuunfaafi mootummaa keessatti afaan garaagaraatiin barsiisaa turuu isaanii odeeffannoo argame irraa hubachuun nidanda'ama.Haaluma kanaan gabatee kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 116 (41.6%) ta'an Afaan Oromootiin barachaa kan turan yoo ta'u,kunis barnoota garaagaraa Afaan Oromootiin barachaa turuu ibsaniiru.kanneen 76 (27.2%) ta'an immoo Afaan Amaaraatiin manneen barnootaa Afaan Amaaraatiin barsiisan keessatti kan barachaa turan ta'uu ibsaniiru. Deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 13 (4.7%) ta'an immoo Afaan Ingiliziitiin barachaa kan turan ta'uu ibsaniiru. Kanneen baay'inni isaanii 3 (1%) ta'an immoo Afaan Oromoofi Afaan Amaaraatiin barachaa akka turan ta'uu ibsaniiru.Barattoota odeeffannoo kennan keessaa baay'inni isaanii 5 (1.8%) ta'an immoo Afaan Oromoofi Afaan Amaaraatiin barachaa kan turan ta'uu odeeffannoo kennan irraa hubachuun nidanda'ama. Deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 66 ( 23.7%) ta'an immoo Afaan sadaniinuu kan barachaa turan ta'uu ibsaniiru.Haalli itti barachaa turanis guyyaa tokko afaan tokkoon yoo baranne guyyaa biro immoo afaan birootiin barachaa kan turreedha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Akka waliigalatti Afaan Oromootiin kan barachaa turan haa caalaniyyuu malee afaanota garaagaraatiin barachaa turuu barattoota kanaa hubachuun nama hinrakkisu.Deeb-kennitoonni 58.4% ta'an Afaan oromoofi afaanota kanneen biroo waliin makaa barachaa kan turan ta'uu mul'isa.Akka waliigalaatti barattoonni kunneen bal'inaan afaan garaagaraatiin barachaa turuu isaanii nu hubachiisa.

**D. Dhiibbaa Afaan Biroon barachuun Afaan Dhalootaa Irratti qabu**

| Afaan Oromootiin ala afaan birootiin barachaa turtan yoo ta'e dhiibbaan isin irraan gahe jiraa? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Eeyyee | 109 | 39.1 |
| Lakki | 49 | 17.6 |
| Ida'ama | 158 | 56.7 |

Gabatee 12: Odeeffannoo Dhiibbaa Afaan Biroon Barachuun Afaan Dhalootaa Irratti Qabu kana Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti Afaan birootiin barachaa turuun dhiibbaa isin irraan gahe haala kamiin ibsama gaaffii jedhuun walqabatee deeb-kennitoonni 109 (39.1%) ta'an eeyyee dhiibbaa qaba jedhanii yoo deebii isaanii kennan kanneen 49 (17.6%) ta'an immoo lakki jechuun deebii isaanii kennaniiru. Akka waliigalatti odeeffannoo isaan kennan irraa akkuma hubannutti Afaan dhalootatiin alatti afaan birootiin barachuun dhiibbaa kan qabu ta'uu hedduun isaanii ibsu.Akka sababaattis wantoonni eeran wantoota baranne haala qabatamaa naannoo keenyaa faana walqabsiifnee hubachuu dhabuu, afaan keenya wallaluu, aadaa uummata keenyaa beekuu dhabuu, Afaan Oromootiin haala barbaanneen barreessuu dhabuufi qabxiin keenya illee gadaanaa ta'uu jedhanii dhiibbaa afaan dhalootatiin barachuu dhabuun qabu ibsaniiru. Akkuma yaada deeb-kennitoota kanarraa hubachuun danda'amutti afaan dhalootatiin barachuun aadaa, duudhaa, eenyummaa, afaan fi duudhaa ofii baruu keessatti gahee olaanaa qaba. Gama biroon illee kitaabilee irraa mallattoofi suuraa garaagaraatiin waan baay'ee barachuun kan danda'amuudha.

**E. Itti Fayyadama Afaanii Hawaasa Naannoo mana barumsaa**

| Hawaasni naannoo mana barumsaa yeroo ammaa itti barachaa jirtan afaan kam bal'inaan fayyadamuu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Afaan Oromoo | 42 | 15.1 |
| Afaan Amaaraa | 237 | 84.9 |
| Afaan Ingilizii | - | - |
| Afaan Biroos yoo jiraate haa ibsamu | - | - |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee 13: Odeeffannoo itti fayyadama afaanii Hawaasa mana barumsaa waliin Jiru Kan Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti manni barumsichaa magaalaa Finfinnee keessatti kan argamu ta'uu armaan olitti ibsamee jira.magaaalaa finfinnee keessatti

immoo afaan hojii Afaan Amaaraa ta’uun ifaadha.Haaluma kanaan gabatee kanarratti haala deeb-kennitoonni odeeffannoo kennaniin walqabatee kanneen baay’inni isaanii 42 (15.1%) ta’an hawaasni naannoo mana barumsaa Afaan Oromoo kan fayyadaman ta’uu yoo ibsan,kanneen baay’inni isaanii 237 (84.9%) ta’an immoo hawaasni naannoo mana barumsaa Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta’uu ibsaniiru.Akka waliigalaatti Afaan Oromoo haa fayyadamanii malee bal’inaan garuu Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta’uu deeb-kennitoota kanarraa hubachuun danda’ameera.

**F. Itti Fayyadama Afaan Oromootiin Hawaasa Naannoo Mana Barumsaa Waliin Waliigaluu**

| Afaan Hawaasni naannoo mana Barumsaa Dubbataniin waliigaluu dandeessuu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Eeyyee | 265 | 95 |
| Lakki | 14 | 5 |
| Ida’ama | 279 | 100 |

Gabatee 14: Odeeffannoo Itti Fayyadama Afaan Oromoon walqabatee barattoonni Naannoo Mana Barumsaa Waliin Walii Galuu Agarsiisu

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalame gaaffii deeb-kennitoota kanaaf dhihaateen walqabatee deeb-kennitoonni baay’inni isaanii 265 (95%) ta’an afaan hawaasni naannoo mana barumsaa ta’an waliin kan waliif galan ta’uu yoo ibsan, kanneen baay’inni isaanii 14 (5%) ta’an immoo kan walii hingalle ta’uu ibsu.Akka sababaattis kan eeran isaan Afaan Amaaraa kan dubbatan yoo ta’u, nuti immoo Afaan Oromoo guutummaatti waan fayyadamnuuf sababa ta’uu danda’eera jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

**G. Afaan Garaagaraa Waliin makuun Fayyadamuu**

| Mana Barumsaa keessatti afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun jiraa? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | Parsantiin |
| Eeyyee | 245 | 87.8 |
| Lakki | 34 | 12.2 |
| Ida’ama | 279 | 100 |

Gabatee 15: Odeeffannoo waa’ee Barattoonni Afaan Garaagaraa Waliin makuu Agarsiisu

Gabateen kun waa’ee dhimmoota afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun walqabata.Akka deeb-kennitoonni kun yaada isaanii ibsanitti kanneen baay’inni isaanii 245 (87.8%) ta’an mana barumsaa keessatti afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun kan

mul'atu ta'uu yoo ibsan,kanneen baay'inni isaanii 34 (12.2%) ta'an immoo lakki afaan garaagaraa waliin makuun hin mul'atu jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

**H. Sababoota Afaan Garaagaraa waliin makuun Fayyadamuu**

Afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun iddoo baay'eetti mul'ata. Kun immoo adeemsa waliigaltee keessattis ta'ee, guddina afaan tokkoo keessatti dhiibbaa guddaa qaba. Akka deeb-kennitoonni odeeffannoo kanaa yaada isaanii kennanitti wantoonni akka afaan garaagaraa waliin makanii fayyadaman taasisan: Xiyyeeffannoo bal'aa kennuu dhabuu,Afaan Oromoo sirriitti haala barbaadaniin dubbachuu dadhabuu, Afaan dhalootaatiin osoo hintaane afaan birootiin afaan hiikkachuu,manneen barnootaa garaagaraa keessatti afaan garaagaraatiin barachaa turuu, Finfinnee keessatti immoo Afaan Oromootiin barachaa kan hinturre ta'uu, Afaan Oromootiin haala barbaadaniin barachaa kan hinturre ta'uufi naannoo isaanitti Afaan Amaaraa irra caalaattillee kan namoonni fayyadaman ta'ullee kaasaniiru. Akkuma yaada kennitoota kanarraa hubachuun danda'amutti yeroo baay'ee namoonni afaan garaagaI. raa waliin makanii yeroo fayyadamanitu mul'ata.Kanaafi wantoonni akka sababaa tti kaa'uu dandeenyu jaarraa hedduuf namoonni dhiibbaa gita bittootatiin afaan isaa akka hindubbanee taasisuufi afaan tokkichafi amantii tokkicha akka fayyadaman taasisuun bu'uura afaan walitti makanii fayyadamuu uummata keenyaati jechuun nidanda'ama.

**I. Barreeffamoota Garaagaraa naannoo mana barumsaatti argaman**

| Barreeffamoonni garaagaraa Afaan Oromootiin naannoo mana barumsaatti maxxanfaman jiraa? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | parsantiin |
| Eeyyee | 9 | 3.2 |
| Lakki | 270 | 97.8 |
| Ida'ama | 279 | 100 |

Gabatee 16: Odeeffannoo Barreeffamni Garaagaraa Naannoo Mana Barumsaatti argamuu Agarsiisu

Gabateen kun gaaffii barreeffamoota garaagaraa naannoo mana barumsaa Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu gaaffii jedhuudha.Deeb-kennitoonni kunneen haala deebii kennaniin kanneen baay'inni isaanii 9 (3.2%) ta'an, barreeffamoonni garaagaraa Afaan Oromootiin barreeffaman ni jiruu jedhanii yaada isaanii yoo kennan,kanneen baay'inni isaanii 270 (97.8%) ta'an immoo akka hinjirreetti ibsaniiru.Haaluma kanaan kanneen jira jedhan wantoonni isaan eeran bakka tokko tokkotti Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa, Mana Bunaa dhuguu, Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu jedhee "Uummanni Oromoo barachuu Qaba; namni barate immoo mirga isaa

gaafata" Jechuun kan naannoo mana barumsatti maxxanfamee jiru kaasaniiru. Akka waliigalaatti garuu barreeffamoonni Afaan Oromootiin barreeffamanii naannoo mana barumsaafi magaalaa Finfinnee keessa taappellaa garaagaraa kan hinjirre ta'uu isaa ni mul'ata. Kun immoo afaan hojii magaalaa finfinnee Afaan Amaaraa ta'uu irraa kan maddeefi darbees kanneen Afaan Oromootiin illee darbee darbee bakka tokko tokkootti maxxanfaman qulqullina barreeffamaa kan hinqabneedha.

**J. Itti Fayyadama Afaan Oromoo Naannoo Mana jirreenya Barattootaa**

| Naannoo bakka jireenyaa Keessatti ollaafi namoota naannoo keessanii waliin afaan kamiin waliigaltu? | Deeb-kennitoota | |
|---|---|---|
| | Lakkoofsa | parsantiin |
| Afaan Oromoo | 180 | 64.8 |
| Afaan Amaaraa | 99 | 35.4 |
| Afaan Ingilizii | - | |
| Afaan Biroos yoo jiraate | - | |
| Ida'ama | 179 | 100 |

Gabatee 17: Odeeffannoo Itti fayyadama Afaan Oromoo Naannoo Mana Jireenya Barattootaa Kan Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti barattoonni 180 (64.8%) naannoo mana jireenyafi ollaa isaanii keessatti Afaan Oromootiin kan waliigalan yoo ta'u, barattoonni 116 (35.4 ) ta'an immoo Afaan Amaaraatiin kan waliigalan ta'uu ibsu. Kanaaf naannoo mana jireenya isaanitti bal'inaan Afaan Oromoo kan fayyadaman yoo ta'an kanneen muraasa jechuu hindandeenyellee Afaan Amaaraa akka fayyadaman ragaa argame irraa hubachuun nidanda'ama.

**K. Sababoota Naannoo Mana jireenyaatti Afaanota Biroo Fayyadamaniif**

Akkuma gabatee armaan olitti ibsametti deeb-kennitoonni kunneen magaalaa Finfinneefi godinaalee addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee irraa kanneen dhufan ta'uu ragaalee argaman irraa hubachuun danda'ameera.Magaalaa Finfinneefi naannawa ishee keessa kanneen jiraataan baay'een sabaafi sablammoota afaan garaagaraa dubbatan akkasumas aadaa garaagaraa qabaniidha.Kun immoo akka isaan afaan garaagaraa dubbatan taasiseera. Deeb-kennitoonni kunis afaan amala hawaassummaa qabaachuu isaatiin walqabatee afaan garaagaraa maatiifi ollaa isaanii waliin fayyadamuun yeroo walkeessa makanii fayyadaman mul'ata.

### 4.4 Qaaccessa Ragaalee Daawwannaa Argaman

Daawwannaan odeeffannoo meeshaalee funaansa garaagaraatiin argaman qulqulleeffachuuf gargaara. Daawwannaan kunis kallattii lamaan kan adeemsifamu yoo ta'u, isaanis alaalaan daawwachuufi hirmaachaa daawwachuu jennee qooduu dandeenya. Kanneen kana immoo bal'inaan hojii irra kan oolchinu qorannaa aadaa yookiin jila garaagaraa irratti yoo ta'u, kanneen akka dandeettiiwwan afaaniifi haala itti fayyadama afaanii hubachuufis gahee olaanaa qaba. Qorataan kunis ragaalee bargaaffiifi afgaaffiin barsiisota, barattootaafi maatii barattootaa irra argate mirkaneeffachuuf daawwannaattis dhimma bahee jira.

W**aliigaltee keessatti akkamitti barattoonni afaanitti fayyadamu?** Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa ta'uun tajaajilli inni kennu olaanaadha.Barattoonnis fedhii, ilaalcha, jaalala, jibba, gammachuu, gaddafi kanneen biroo dabarfachuuf dhimma itti bahu. Haa ta'u malee afaan garaagaraa waliin makuun kan gargaaraman ni mul'ata.Kunis fakkeenyaaf Afaan Oromootiin eegalanii yeroo Afaan Amaaraafi Ingilizii Gidduutti makanii fayyadaman jira.Kun immoo tokko qaamonni waliigaltee irra jiran kun lamaan Afaan tokko qixa kan hindandeenye ta'uufi jechoota haalan hunda isaanii hubatanii ergaa isaanii waliin itti fayyadamuu dhabuu irraa kan ka'e kan mul'atuudha.

**Daree barnootaa keessatti akkamitti afaanitti fayyadamu?** Hojiin baruufi barsiisuu saayinsii faana kan walqabate ta'uu irraa kan ka'e barsiisaanis ta'ee barattoonni saayinsii barsiisaniin walqabsiisanii afaan kan fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf afaan fayyadamaniin walqabatee mana barumsaa kana keessatti daree barnootaa keessatti kan gaggeeffamu Afaan Oromoo,Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii barnoota afaanii ta'anii akka gosa barnoota tokkootti ittiin kennamaa kan jiru yoo ta'u, Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'uun gosti barnoota garaagaraa kan ittiin kennamaa jiruudha. Yeroo wayitii barnoota Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii irraa kan hafe guutummaatti Afaan Oromoo kan fayyadaman ta'uun hubatameera.

**Adeemsa meeshaalee garaagaraa bitachuu keessatti akkamitti afaanitti fayyadamu**? Naannoo mana barumsaatti meeshaalee barnootaa garaagaraa bitachuun darbee darbee kan mul'atuudha.Adeemsa kana keessatti hawaasni naannoo mana barumsaa jiran Afaan Amaaraa waan dubbataniif barattoonnis afaan kana dubbachuun kan waliigalaniidha.

### 4.4.1 Akkaataa Waliigaltee keessatti Barattoonni Afaaniitti Fayyadaman

Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa ta’uun tajaajilli inni kennu olaanaadha. Barattoonnis fedhii, ilaalcha, jaalala, jibba, gammachuu, gaddafi kanneen biroo dabarfachuuf dhimma itti bahu. Haa ta’u malee afaan garaagaraa waliin makuun kan gargaaraman ni mul’ata. Kunis fakkeenyaaf Afaan Oromootiin eegalanii yeroo Afaan Amaaraafi Ingilizii Gidduutti makanii fayyadaman jira. Kun immoo tokko qaamonni waliigaltee irra jiran kun lamaan Afaan tokko qixa kan hindandeenye ta’uufi jechoota haalan hunda isaanii hubatanii ergaa isaanii waliin itti fayyadamuu dhabuu irraa kan ka’e kan mul’atuudha.

### 4.4.2 Akkaataa Daree Barnootaa Keessatti Afaaniitti Fayyadaman

Hojiin baruufi barsiisuu saayinsii faana kan walqabate ta’uu irraa kan ka’e barsiisaanis ta’ee barattoonni saayinsii barsiisaniin walqabsiisanii afaan kan fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf afaan fayyadamaniin walqabatee man barumsaa kana keessatti daree barnootaa keessatti kan gaggeeffamu Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii barnoota afaanii ta’anii akka gosa barnoota tokkootti ittiin kennamaa kan jiru yoo ta’u, Afaan Oromoo afaan barnootaa ta’uun gosti barnoota garaagaraa kan ittiin kennamaa jiruudha. Yeroo wayitii barnoota Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii irraa kan hafe guutummaatti Afaan Oromoo kan fayyadaman ta’uun hubatameera.

#### A. Fayyadama Afaanii Barsiisota Waliin

Barnoonni kan adeemsifamu daree barnootaa keessatti yoo ta’u, haalli baruufi barsiisuu daree keessatti adeemsifamu gama waliigaltee barattootaafi barsiisotaa kan hammateedha. Itti fayyadamni afaanii daree keessatti mul’atus dhimmoota baruufi barsiisuu faana walqabataniidha. Fakkeenyaaf seensa daree keessatti yeroo barsiisan gara daree barnootaa olseenu barattoota waliin haalli itti nagaa walgaafatan jira.

Barsiisaa :Akkam bultan barattoota
Barataa: Gaarii galata Waaqayyoo Barsiisaa
Barsiisaa: Taa’aa
Barattoota: Galatoomaa barsiisaa

Nagaa walgaaffii kana keessatti barssisaafi barattoonni haalli jechoota itti fayyadamaniifi yaada isaanii itti waliif ibsan kan of danda’eefi adeemsa mataa isaa qabuudha. Akkam bultan barattoota jedhee yeroo barsiisaan nagaa gaafatu fayyadamni isaa barattoota hunda kan hammatuufi bifa jaalala qabuuniidha. Kunis sa’aa irratti hundaa’ee kan raawwatamu yoo ta’u, ganama kaasee hanga sa’aa ja’aatti akkam bultan hima jedhutti yoo fayyadamnu sa’aa booda yoo ta’e immoo

akkam ooltan? Kan jedhutti fayyadamu. Kun maal agarsiisa yeroo irratti hundaa'uunillee itti fayyadamni afaanii garaagarummaa kan qabu ta'uu agarsiisa.Deebii barattoonni kennaniin walqabatee:

Gaarii galata

Waaqayyoo Barsiisaa

kun maal agarsiisa sa'aa kanaan kan nu gahe isaa galata kan qabu waaqayyoodha yaada jedhu ibsuuf akka akka gargaaraman nu agarsiisa. Gama biroonis 'galatoomaa' yemmuu jedhan barsiisaan yookiin barsiiftuun barsiiftu tokko haa ta'u/taatu malee kabaja agarsiisuuf jecha galatoomaa jecha jedhutti kan gargaaramaniidha**.**Walumagalatti wanti adeemsa waliigaltee kana keessatti hubannu yeroofi bakka irratti hundaa'uun waliigalteen barsiisaafi barataa garaagarummaa qabaachuu isaati.

'Woorkii shiittiin nu hinkennamu?'

Nu hinkennamuu 'teacher'(madda Barattoota)

Waraqaa shaakallii kan jedhamu barattoonni 'work sheet' kan jedhamu fayyadamuun kan gaaffii isaanii dhiheessan yoo ta'u, Afaan Ingilizii waliin waliin makuun fayyadamuun nimul'ata. Waraqaan shaakallii kan barattoota cimsuufi madaalliifillee kan oolu waan ta'eef, barattoonni hubannoo qaban keessatti madaaluuf kan barbaadaniidha. Waraqaa shaakallii kana duuba qormaanni jiraachuu isaa waan beekaniif qophii dursa gochuuf waan yaadaniif maaliif nuuf hinkennamne yaada jedhu yookiin nukennamuu qaba isa jedhu dabarfachuuf jecha nu hinkennamu? gaalee jedhu fayyadamu.

'Fatanaa' meeqa fidde?

Baay'ee natti cimee

Kanaafaa baranneerra?

Fatanaan Afaan Amaaraa yoo ta'u, qormaata kennamu kan bakka bu'uudha.Qormaanni immoo waa lama akka of keessaa qabuufi yoo qabxii gaarii fidan kutaa itti aanuutti darbuun akka danda'amu, yoo qabxiin immoo gadaanaa ta'e kufuun yookiin dareedhuma keessa jiranitti keessa deebi'uun waan jiruuf kanneen adda baafachuuf dhimma kan itti bahaniidha.Gama biroon immoo caalmaa isaan gidduu qabxii galmeessisan irra jiru addaan baafachuufis nigargaaramu. Kanaaf fayyadamni afaan dubbii bakka kanatti mula'atu dhimma lakkoofsa qabxii argatee qofa addaan baafachuuf raawwatamu miti.

Barsiisaan barattoota alatti argee yeroo itti dubbatu…Barattoota maal alaa gootu, gosa barnootaa hundaa barattaniirtu? eeyyee ‘Pireedii’ hunda baranneerra. . Kan nu jala darbe hinjiru har’a… hanga bilbilamutti dareetti seenaa.

Jechi ‘Pireedii’ jedhu jecha Afaan Ingilizii ‘period’ jedhu irraa kan dhufe yoo ta’u Gama Afaan Oromootiin wayitii barnootaa isa jedhuudha. Pireedii hunda baranneerra.kunis gosa barnootaa guyyaa kana nujala darbe kan hinjirreefi amma yeroon gara mana isaanii galuu gahuu ibsachuuf kan itti gargaaramaniidha.Kunis wayitii guyyaa tokkoof kenname baratanii xumuruun booda wanti jiru meeshaalee isaanii walitti qabatanii galuuf qophaa’uu yaada jedhu of duubaa waan qabuufiidha.Fakkeenyaaf mana barumsaa irraa barataan yoo hafe haala armaan gadiitiin yeroo dubbatan mul’ata.

Barsiisaa: Maaliif hafte mana barumsaarraa?

Barattoota: Fiqaadanin’ hafe--

Heeyyamni waan nama tokkorraa eegamu bahuu dhabuu irraa kan ka’e want asana akka hanqinaa yookiin hafteetti akka hin fudhanne yaadameeti. Kanaafuu heeyyaman qaba Jechuun wantoota najala darbeef barsiisaan waan barbaachisaa ta’e irratti nahirmaachisa ergaa jedhu dabarfachuufi.Haa ta’u malee heeyyama jecha jedhu kana kanneen biro immoo ‘Fiqaada’ Jechuun fayyadama. Kun immoo afaan biroo irraa kan dhufeefi waliin makuun yeroo itti fayyadaman darbee darbee kan mul’atuudha.Gama biroon immoo hafaatiin guyyaa sana isa irratti rakkoo akka hinqabne ibsachuufillee akka itti gargaaramuudha.Barattoonni heeyyamaan ala mana barumsaa irraa hafan barnootas ta’ee qormaanni yoo jala darbe dhiibbaa guddaa waan qabuufi barsiisanillee sababa hafeef yookiin hafteef waan gaafatuuf wantoota kanneen jalaa miliquuf illee kan gargaaruudha.Yeroo barsiisaan gara dareetti deemu barattoonni gosa barumsaa barsiisaan sun barsiisuun akkas jedhuun gaafatu.

Barattoota **..**Amma qabna mitii

Barsiisaa: Eeyyee

Barattoota: Dastariin hinjiruu

Barsiisaa**:** Gabatee qulqulleessuu?.(Madda waliin dubbii barsiisaafi Barattootaa

‘Amma qabna mitii’ kan jedhu wayitii barnootaa qoqqoodamee jiru keessaa gosa barnootaa keessan amma qabna waan ta’eef waan gabatee irratti barreeffamee jiru irraa ballleessuuf haqxuu ittiin balleessan barreeffamicha Jechuuf afaan dubbii isaanii keessatti fayyadamu As keessattis

waliin makuun kan mul'atuudha. Gabateen jechi jedhu gabatee gurraacha isa jedhu kan bakka bu'uufi akka meeshaa barnootatti kan gargaaruudha. Gabateen gurraachi kun kan barreeffama ofirraa hinqabne yoo ta'e barreessuuf kan ooluufi barattoonni illee barreeffachuuf of qopheessuuf jecha kallattii ittiin adda baafataniidha.

Barataan daree barnootaa keessatti qalama waan ittiin barreessu yoo dhabe haala kanaan barsiisaa gaafachuun fudhata:

Barataa: Barsiisaa qalama qabduu
Barsiisaa: Eeyyee
Barataa: naaf ergistu?
Barsiisaa: Hoodhu
Barataa: Galatoomaa
Barsiisaa: Homaa miti (waliin dubbii barataafi barsiisaa irraa kan argame

Waliin dubbii barataafi barsiisaa kanarraatti itti fayyadama dubbii isaanii yoo ilaalle, barsiisaa qalama qabduu jedhee barataan yeroo gaafate, kabaja agarsiisuufi qabaataniifi hinqabaannee addaan baafachuuf kan gargaaramee yoo ta'u, gama biroon immoo yoo qabaatan naaf kennuu danda'u yaada jedhu of keessatti hammachiiseeti.Barsiisaan immoo deebiin kennaniif eeyyee kan jedhu qabaachuu isaanii mirkaneessuufi yoo ta'u, barataan immoo gaaffiin inni lammaffaa irratti fayyadame naaf ergistuudha? Kun immoo ergisaan kan booda deebi'uuf ta'uufi ammas kabaja qabuuf erga argatee booda galateeffachuu fudhate. Itti fayyadamni afaanii bakka kanatti mul'atu, kabaja kan agarsiisuufi barattoonni yeroo barsiisota irraa waa fudhachuu barbaadan haala kamiin afaanitti fayyadamu isa jedhullee kan agarsiisuudha.

Barsiisaa-Barattoota gaafa barumsa keessan xumurtan maal ta'uu feetu?
Barattoota-doktora/saayintistii/barsiisaa/injinara
Barsiisaa-Kana ta'uuf maal gochuu qabdu?
Barattoota- Jabannee qo'achuu
Barsiisaa-Eeyyee hubattaniirtu yoo jabaattanii hojjattan waa hundaa ta'uu dandeessu.

Waliin dubbii kana keessatti wanti hubatamu, kaayyoo ofiifi fedhii gara fuulduraa agarsiisuuf barattoonni bifa kanaan kan ibsatan yoo ta'u, Kan biro immoo gahee namoonni baratan irra gahaniis hubatanii kana ta'uuf immoo haala kamiin akka itti gargaaraman kan

agarsiisuudha.Barsiisaan immoo waa hunda taatu yammuu jedhu, namoonni baratan bakka barbaadaniifi waan fedhii isaanii galmaan gahuu akka danda'an agarsiisuuf kan ooluudha.

## B. Fayyadama Afaanii Barattoota Gidduutti

Baraattonni waliin dubbii garaagaraa keessatti haala fayyadama afaanii isaanii kan agarsiisu fakkeenyonni garaagaraa armaan gadiitti taa'ee jira. Dhimmoota qormaataa faana walqabsiisuun yeroo barattoonni waliin dubbatan:

… Qormaata hojjattee
baay'ee cimaa? ….

-Qormaanni hojjatan kan isaan lachuu ilaallatu yookiin tokkoo isaanii qofa kan ilaallatu ta'uu danda'a. Haa ta'uu malee dhimmoota adda baafachuuf itti fayyadamantu duuba jira.1ffaa sadarkaa qormaataa addaan baafachuufi ciminaafi laafina adda baafachuufiidha. Inni lammaffaan immoo gaaffilee qoraman irratti waliin marii'achuuf jecha gaaffii kan walii dhiheessaniidha.Kunis qormaata mana barumsaa keessatti hojjatan kan ilaallatuufi yoomessi isaas naannoodhuma kana faana kan walqabatuudha.Kanaafuu qormaata hojjattee yammuu jedhu hojjachuufi dhiisuu isaa addaan baafachuu qofaaf osoo hintaane sirriitti hojjachuufi dhiisuu addaan baafachuuf yaadameeti.

--Boqonnaan gaheera
Baanuu moo maal goonaa?

Boqonnaan yeroo barnoota baratanii osoo hinfixin gidduutti haara galfiidhaa bahaniidha. Boqonnaan kun haala fayyadama mana barnootatiin wayitii barnootaa gidduutti bahanii kan deebi'an yoo ta'u, kunis yeroo ciree itti nyaataniidha. Kanaafuu boqonnaa gahu isaa duuba wantoonni jiran ciree nyaachuudha waan ta'aeef isa ibsuuf illee kan itti dhimma bahaniidha. Daree barnootaa keessatti hirmaannaan barattootaa bifa garaagaraatiin mul'ata. Isaan keessayyis deebii gaaffii garaagaraa yeroo gaafataman deebisuu keessatti gaaleewwan garaagaraa fayyadamu

Kunoo kunoo kunoo..
Yes yes yes …

Gaaleen kun kan agarsiisaa haala gaaffii yeroo barsiisaan gaafate deebii kennuu irratti carraa argachuufi deebii natu deebisa jedhanii carraa fudhachuufiidha. Kunis harka baasuu qofaan osoo

hintaane sagaleen isaan dhageessisan barsiisaan xiyyeeffannoo akka isaanii kennuuf jedhanii kan sochoa'an yoo ta'u, kanneen deebii sun maal akka ta'e hin galleefis ta'ee kanneen deebisuu hin barbaanne harkas ta'ee jechaanis wanti dubbatan hinjiru. Kanaaf gaaleen kun itti fayyadama Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti raawwatamuudha. Fakkeenyaaf sababoota garaagaraan walitti bu'iinsi barattoota gidduutti yoo uumame barsiisaan bifa armaan gadiitiin yoo gaafatu:

--*Maal taate?*

--*'Halaqaatu narukute'—*

... *Maal goonaan ..*

... *Homaa hingoone*

'Halaqaan' itti gaafatamaa daree kan barattoonni filatan kan agarsiisu yoo ta'u, gaheen isaa barattoonni akka hinjeeqne daree keessatti taasisuu, yeroo wayitiin duwwaa ta'ee barsiisan hindhufne barattoota kan tasgabbeessuufi barsiisaa daree waliin haala daree barnootaa miijessuudha. Haala kanaan 'halaqaatu narukute' yoo jedhan jeequu koo yookiin rakkoo wayii uumuu isaa irraa kan ka'e adabbiin kan irratti fudhatame ta'uu agarsiisuuf dhimma kan itti bahaniidha. Gama biroon immoo maal goonaan jedhe gaaleen ittiin barsiisaan barataa kana gaafatu ati maal balleessite kan si rukuteef jechuu isaati. Haa ta'u malee itti fayyadama jecha kanaa keessatti afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun nimul'ata.Kun immoo seenduubee manneen barnoota duraan itti barachaa turaniifi haala naannoo jireenyaa irraa kan maddeedha.

Qursii osoo hinnyaatin bilbilamee …yeroo misaan gaheen nyaadha.

..Tole koottu hin deemna amma barsiisaan seenee.

Jechi 'qursii'fi 'Misaan' Afaan Amaaraa irraa kan fayyadaman kan mul'atu yoo ta'u,gama Afaan Oromootiin cireefi laaqana bakka bu'a. waliin dubbii barattootaa gidduutti kan mul'atu ta'ee sa'aatiin nyaata guyyaa itt nyaatan sa'aa 6:30—7:30 waan ta'eef sa'aan sun gahe yaada jedhu ibsuufillee akka gargaaruudha. Gama biroon immoo koottu hindeemna kan jedhu keessatti seera maxxantuu akka Afaan Oromootti eegamee yeroo hinfayyadamne nimul'ata**.** Kun immoo ergaa dabarfamu irratti dhiibbaa qaba. ..amma barsiisaan seenee.. jedhanii gaaleen bakka kanatti fayyadaman immoo barsiisuuf daree barnootaa galuu barsiisaa agarsiisuuf kan gargaaramaniidha**.**

### 4.4.3 Fayyadama Afaanii Keessatti Haala Fayyadama Jechootaa

Ijaarsifi qindaa'inni jechootaa ergaa dabarsuu barbaaanne galmaan gahuu keessatti iddoo olaanaa qaba. As keessattis jechoonni ergisaa dhimma itti bahaman nijiru.Vaayirasii, Baakteeriyaa, Ameebaa, Saayikooloojii fknf-mucayyoon sun 'saayikoolojii' koo tuqxe. Xinsammuu

Kanneen biroo immoo darbee darbee jechootuma Afaan Oromootiin maqaa qaban yeroo afaan birootiin fayyadamanis jira.

Haqxuu- daastara
Boronqii-chookii
Muummee-dippaartimentii
Barrulee- dabtara
Qormaata-fatanaa
Konkolaataa- makiinaa
Tole—ishii
Nugahe-baqqaa
Gabatee Gurraacha- xiqur saleedaa
Mana fincaanii-shinti beetii
Kutaa haara galfii barsiisotaa—istaafii
Abbaltii—Assaayimentii
Wayitii—pireedii
Kuusaa qabxii barattootaa-roostara
Bakka barsiisonni meeshaa kaawwatan—lookarii
Faayila –kuusaa odeeffannoo namootaa
Kompitara—meeshaa elektirooniksii wantoota garaagaraa irratti barreessuuf gargaaru.

Jechoota kanneen barattoonni yeroo itti fayyaman illee ni mul'ata. kun immoo muuxannoofi hubannoo manneen barnoota garaagaraa irraa qabataaniin akka ta'e mul'isa.

Jechoota Tishoo*: Jechoonni* tishoo afaan dubbii keessatti kanneen dhimma itti bahaman jiru. Isaanis gareewwan jechootaa garaagaraa irraa kan ijaaramaniifi mana barnootaa keessatti tajaajila garaagaraa kan kennaniidha. Sababni isaa fayyadamni afaan dubbii yoomessa mana

barumsaa keessatti gama jechoota tishoo keesatti mul'atan kanneen daawwannaafi dhaggeeffannaan funaanaman keessaa muraasni:

Rog-arfee- jechoota rogafi arfee jedhamu irraa kan ijaaraman yoo ta'u, herrega keessatti wantoota roga afur of keessaa qaban kan agarsiisu yoo ta'u, maqaafi maqibsa irraa kan ijaaramaniidha.

Saba + lammii- Sablammii maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Sanbata+ guddaa- sanbata guddaa, maqaafi maqibsa irraa uumame.

Sanbata + xiqqaa – sanbata xiqqaa, maqaafi maqaarraa kan ijaarame.

Xiinxala+ sammuu--xinsammuu, maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Hojii + manaa—Hoj-manee, Maqaafi maqaa irraa kan ijaarame yoo ta'an,

Mana+ galmee—mana galmee, Garee jechaa maqaafi maqaa irraa kan ijaarameedha.

Abbaa+daree__Ab-daree, Jechoota abbaafi daree irraa irraa kan ijaarame yoo ta'u, maqaalee lama irraa kan ijaarameedha.

Gabatee+ gurraacha-gabatee gurraacha, maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Mana + kitaaba-mana kitaabaa, garee jechootaa maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Kubbaa + saaphanaa- kubbaa saaphanaa, maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Kubbaa + miilaa- kubbaa miiilaa, maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Hojii+daree- hojii daree, garee jechootaa maqaafi maqaa irraa kan ijaaramaniidha.

Jechoota tishoo armaan olii keessatti fayyadamni dubbii afaanii waliin dubbii garaagaraa keessatti kan mul'atan yoo ta'u, rog-arfeen fakkeenyaaf barnoota Herregaa keessatti dhimma kan itti bahan yoo ta'an itti fayyadamni dubbii keessatti fayyadamaniis fakkeenyaaf "Qormaata armaan kana rog-arfee armaan gadii irratti hundaa'uudhaan deebisi" jedhe nugaafate barsiisaan yammuu jedhanii barattoonni dubbatantu mul'ata. Kunis mallattoo roga afur qabu kan safara garaagaraa qaban irratti hundaa'uun kan deebisaa jedheen faana kan dubbatamuudha. Kanneen kana akka fakkeeyaatti yoo kaasnu kanneen armaan olitti jechoonni tishoo barreeffaman afaan dubbii keessatti barattoonnis ta'ee barsiisonni kan dhimma itii bahan ta'uu agarsiisa.

Sanbata guddaafi sanbata xiqqaa kanneen jedhaman guyyaa manneen barnootaa kan hinjirreefi Yeroo qophii barnoota isa torbee itti aanuuf qophaa'an ta'uun ibsama. Waliin dubbii keessattis kana agarsiisuuf "sanbattan eessa oolta?" kana Jechuun barsiisonnis ta'ee barattoonni waliin

dubbii yammuu agarsiisan karoora biraa baafachuufi dhiisuu addaan baafachuuf gaaffii walii dhiheessaniidha. Dabalaatanis jechoonni tishoo armaan olii bal'inaan naannoo mana barumsaa keessatti kan mul'ataniidha.

### 4.4.4 Fayyadama Afaanii Taphoota Garaagaraa keessatti

Tapha ijoollee kana keessatti haalli fayyadama afaanii kallattii ijoolleen ittiin dandeettii dubbiifi waa yaadanii deebii kennuu ittiin cimsataniidha.Kunis maqaa ofii dhiisanii bakka bu'aa garaagaraa fayyadamuun haala itti yaada isaanii wal jijjiiraniidha. Kunis xaafiin hammacaa kan jedhu, akka xaafii affeelaa jiraachuu kan agarsiisu yoo ta'u, maaliif akka hammacamu garuu wanti agarsiise hinjiru.

Harka naguba, kan jedhu immoo gama tokkoon affeelamaa waan ho'aa keessa jiraachuu yoo agarsiisu, yoo ta'u, wanta bishaan itti naqan immoo qabbanaa'uu waan agarsiisuuf filatamaa ta'uu mul'isa.Akka aadaa Oromootti kabajni ijoolleen maatii isheetiif kennitu olaanaafi maatiin ijoollee ofii karaa qajeelaa ta'een guddisuu kan agarsiisu.

Warri nan lolu,
Warri eessa jiru
Manduubee jiru.

Manduubeen bakka kabajamaa maatiinis ta'ee namoonni biro kabaja olaanaa kennaniif waan ta'eef ijoolleenis bakka sanaaf kabaja kennuufi kallattii ittiin gara bishaanii deeman ta'uu kan agarsiisuudha. Eegeen hantuuta fakkoommii haamtuutiin walqabsiisuun haamaaf akka ooluutti kan fudhatame yoo ta'u, kanneen Orma faana walqabsiisuun ka'an ormi akka firaa dirqama kan hinqabne ta'uufi namni ormaa immoo namaa laafuufi waan gaarii namaa yaaduu keessatti hanqina qabaachuu isaa 'muu dhala ormaa' kan jedhu keessaa hubachuun nidanda'ama. Jecha man-duubee jettu immoo akka jecha tishootti itti gargaaramuullee niagarsiisa.Kanaafuu fayyadama afaan dubbii tapha kana keessa jiran yoo ilaalle ergaa dhokataa ta'e ittiin dabarfachuu bira darbee ijoolleen muuxannoo maatii isaanii irraa argatan karaa ittiin waliif dabarsan ta'ee mul'ata.

Tokko maali? Tokkee tokkittuma.

Lama maali? Lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma

Sadi maali? Sadaan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Afur maali? Arfan mucha saawwa, sadaan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Shan maali? Shanan quba harkaa,arfan mucha saawwa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee tokkeen tokkittuma.

Jaha maali? Jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, arfan mucha saawwa, sadaan sussummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Torba maali? Torban naannoo sanbataa, Jahan jabbii qaraxaa, Shanan quba harkaa, Arfan mucha saawwaa, sadan sussummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Saddeet maali? Saddeettan dhala leencaa, torban naannoo sabbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, Arfan mucha saawwa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Sagal maali? Salgan yaa'ii Booranaa, saddeettan dhala leencaa, torban naannoo sabbataa, tokkeen tokkittuma.

Sagal maali? Salgan yaa'ii Booranaa, saddeettan dhala leencaa, turban naannoo sanbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, arfan mucha saawwa, sadan sunsummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Kudhan maali? Kurnan boolla saddeeqaa, salgan yaa'ii Booranaa, Saddeettan dhala leencaa, Torban naannoo sabbataa, jahan jabbii qaraxaa, shanan quba harkaa, arfan mucha saawwa, sadan sussummanii, lamaan mucha re'ee, tokkeen tokkittuma.

Taphni ijoollee armaan olitti ibsame kallattii ijoolleen afaanitti gargaaramuun waa lakkaa'uu danda'an akkasumas bakka bu'ee garaagaraa ittiin beekaniidha. Haala kanaanis tokko, tokkuma bakka kan bakka kan bu'u yoo ta'u, lama immoo muchi re'ee lama ta'uu, sunsumni sadii, muchi sa'a afur, qubni harkaa shan , ja'a jabbii qaraxaa , torba immoo naannawa sabbata hidhatanii, saddeet immoo dhala leencaatiin , sagal yaa'ii Boorana fi kudhan immoo boolli saddeeqa itti taphataniin walqabsiisanii taphachuu kan ilaallatuudha.kunis haala ittiin afaanitti fayyadamanii tapha keessa beekumsa biro dabalatan kan mul'isuudha.kunis lakkoofsa waamuu bira darbee kanneen lakkoofsa kana bakka bu'uu danda'an maal fa'a kan jedhuufi dandeettii herregaa illee karaa ijoolleen ittiin gabbifataniidha.

Kukkuluu---------------Hinbariinee

Kukkuluu----------------Hinbariinee

Kukkuuluu-------- -------Bari'e

Lakki ijoollee ijoollee ni taphanna baay'ee

Lammata ijoollummaan hindhufu deebi'ee

Ijoollummaa koo ijoollummaa koo

Dammaafi aannan koo (x2)

Tapha ijoollee isa lammaffaa kan keessatti sagalee lukkuu dhageessisuun fakkaachuun, lukkuun sa'aa bari'uu ga'etti waan yeroo hunda iyyituuf agarsiisuuf yammuu ta'u, bari'uufi dhiisuun isaallee kanaan beekama.Namoonni umrii garaagaraa keessa darbuun hanga du'aatti kan deeman yoo ta'u, yeroo ijoollummaatti waliin taphachuun, waan barbaadan maatii gaafatanii argachuun akkasumas dammifi aannan guddisa ijoolleeti waan jedhamuuf kanneen kana illee argachuun kan danda'amu sadarkaa ijoollummaatti ta'uu walaloon kun kan agarsiisuudha. Kan biro ijoollummaan yeroo itti kunuunsa addaa barbaaduufi kunuunsi kun immoo guddina daa'immaniitiif murteessaa ta'eedha. Kanaafuu ijoollummaafi damma akkasumas aannan addaan baasanii ilaaluun kan hin danda'amne ta'uus walaloo kanarraa hubachuun nidanda'ama.

## 4.5 Haala Waliigalaan Dhiibbaa Afaan Biroon Barachuun Afaan Dhalootaa Irratti Qabu

Barattoonni afaan duraan ittiin barachaa turan wantoonni agarsiisan hedduun akka jirutti deeb-kennitoonni qorannoo kanaa yaada isaanii ibsu.kunis wantoota agarsiisan keessaa barreessuufi dubbisuu irratti hanqinni jiraachuu,Afaan Oromootiin haalan fayyadamuu dhabuu, Afaan Oromootiin osoo dubbachaa jiranuu afaan birootiin waliin makuu, ragaa barnoota isaanii kan kanaan dura ittiin barachaa turan gosa barnootatiin kan ibsu, adeemsa waliigaltee keessatti afaan waliin makanii haasa'uu,Manneen barnootaa dhuunfaa baay'een Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barsiisaa jiraachuu, Afaan duraan ittiin barataniin dubbachuu,Waan Afaan Oromootiin baratan Afaan Amaaraatti hiikuuf yaaluu,Finfinnee keessatti afaan hojiifi barnootaa Afaan Amaaraa ta'uufi kanneen achi keessatti guddatan ittiin barachuuf dirqamuufi filannoo biraa dhabuu,haala dubbiifi gahumsa yeroo isaan afaanitti fayyadaman mul'aturraa, Afaan Amaaraa akka afaan lammaffaatti ittiin barachaa turuunis wantoota mul'isaniidha. Yeroo baay'ee Afaan Amaaraatiin waliigaluufi barreeffama tokko tokko afaan biroon barreessuuf yaaluu.Akkasumas Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin kan barsiisan manneen barnootaa kan

hinturre ta'uufi fudhannaa barnootaa irratti bakka tokko tokkootti harkifannaan jiraachuufi dubbii isaanii keessatti afaan garaagaraa waliin makanii dubbachuun wantoota afaan biroon barachaa turuu isaanii agarsiisan akka ta'e od-kennitoonni ibsaniiru. Haalli kun immoo sirnoota darban irraa kan madde ta'uun isaa armaan olitti ibsamee jira.

keessa kan ta'eefi barattoonni kanaan dura manneen barumsa dhuunfaatti barachaa turan Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii ta'uufi yeroo ammaa kana immoo Afaan Oromootiin banamuun rakkoolee kanaan dura turan furuu bira darbee eenyummaa deebisuu keessatti gahee olaanaa qaba waan ta'eef,manneen barnootaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee babal'isuufi sadarkaa amma irra jiru giddugaleessafi itti aansuun olaanaa ta'e olguddisuun gahee hundaati. Akkasumas odeeffannoo deeb-kennitoonni kunneen kennaniin akka waliigalatti haalli itti fayyadama Afaan Oromoo mana barumsaa kanaa guddina Afaan Oromootiif miijataa ta'uu ibsaniiru. Kanaafis wanti akka fakkeenyatti kaasuun danda'amu,barattoonni dubbachuu hindandeenye dubbachuu eegaluu, barreessuufi dubbisuu irratti jijiiramni jiraachuu, barattoonni garaagaraa manneen barnoota garaagaraa irraa afaan garaagaraatiin barachaa turan gara afaan tokkoon barachuutti waan dhufaniif fedhiin isaanii kallattii tokkotti deemuu, huccuu aadaafi wantoota mallattoo Oromummaa mul'isan garaagaraa agarsiisuun fa'aa ibsituu guddina afaanichaa mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruuti jechuun yaada isaanii kennaniiru. Haalli kun immoo daawwannaanis kan mirkanaa'eedha.

Bifuma kanaan afaan dhalootatiin barachuu dhabuun walqabatee, UNESCO (2000) irratti akka ibsametti, "The sub-sahara African countries that have mentioned colonial language in education continue to be among the poorest, most illiterate, and most poorly educated countries in the world" kana jechuun biyyoonni Afrikaa Sahaaraa keessatti argaman kanneen kolonii biyyoota biroo jala turan kanneen afaan barnoota isaanii afaanuma koloneeffattoota kanaan itti fufe kan hiyyoomani, baay'inaan kan hinbarannefi akka addunyaatti biyyoota hiyyeeyyii ta'uu agarsiisa. Kun immoo kanneen afaan dhalootatiin baratan filatamaa ta'uu agarsiisa. Dabalataanis, Afaan Dhalootatiin yoo baratan faayidaa garaagaraa qabaachuu UNESCO (2008) irratti yoo ibsamu, " When children are learning through their mother tongue they are learning concepts and intellectuals skills that are equally relevant to their ability to function in their intire life. Learning in mother tongue has cognitive and emotional

value." Jechuun ibsameera. Barreeffama kanarraa akka hubannutti ijoolleen afaan dhaloota isaaniitiin baratan yaadrimeefi beekumsa akkasumas dandeettii jireenya isaanii waliin walqabatan kan argatan ta'uu agarsiisa.

### 4.6 Dandeettii Barattootaa Odeeffannoo Fudhachuufi Kennuu Irratti

Dandeettii afaanii keessaa gurguddoofi kanneen sadarkaa mana barumsatti baraman barreessuufi dubbisuudha. Isaanis odeeffannoo kennuufi fudhachuuf kan oolaniidha. Dubbisanii odeeffannoo fudhachuun faayidaalee kanneen kan qabuudha. Qajeelfamoota fudhatanii hojiirra oolchuuf, hiriyoota waliin yaada waljijjiiruuf, bakka raawwii waan tokkoo beekuuf, beekumsa waliigalaa gonfachuuf fa'aaf kan ooluu yoo ta'u, hanqinaaleen gama kanaan mul'atan immoo barattoota hunda biratti osoo hintaane, kanneen afaan biroon barachaa turan irratti kanneen armaan gadii kan mul'atan ta'uu qorataan kun bira gaheera. Beekumsa hiika jechootaa dhabuu, qindoomina yaadaafi walduraa duuba ergaa dubbisichaa, dandeettii gaaffilee tokko tokkoof haala barbaadameen dubbisanii deebii kennuu dhabuu, yaada dubbisichaa irratti hundaa'uudhaan yaada cuunfaa kennuu dhabuufaan hanqinoota mul'ataniidha.Gama biroon immoo dandeettii barreessuu qubeewwan yookiin mallattoolee hawaasni irratti waliigaletti fayyadamuudhaan qubeessanii ergaa dabarsuu jechuudha. Haaluma kanaan barreessuun immoo faayidaalee armaan gadii kan qabu ta'uu hubachuun nidanda'ama.Qabiyyee barreessuu cimsachuu, hiika jechoota garaagaraa baruu, mala waa ibsuu gabbifachuu, yaada mataa ofii haala barbaachisaa ta'een ijaaruu, dandeettii barreessuu cimsachuu, dandeettiiwwan afaan biroon walqabsiisuuf gargaaru, waa uumuufi furmaata barbaaduuf gargaara. Haa ta'uu malee gufuuwwan dandeettii barreessuu miidhaan isaan kanneen ta'uus hubachuun barbaachisaadha. Sirnoota tuqaaleetti haala barbaachisaa ta'een fayyadamuu dhabuu, bifa barreeffamaan ergaa bal'aa dabarsuu dhabuu, walduraa duuba yaadolee qindeessuun ergaa barbaachisaa ta'e bal'inaa dabarsuu dhabuu, jabaachuu, laafuu, dheerachuufi gabaabbachuu jechootaa irrattillee darbee darbee rakkoon mul'achuun ni argama. Kun immoo kan madde afaan biroon barachaa turuu, xiyyeeffannoo afaan kanaaf manneen barnoota duraan itti baratanitti kennamuu dhabuu, shaakalliin walii irraa hincinne itti fufiisaan kennamuu dhabuun fa'aan hanqinoota gama kanaan mul'ataniidha. Walumagalatti barattoonni baay'een gama kanaan ga'umsa qabaatanillee kanneen biroo seenduubee manneen barnootaa dhuunfaafi kanneen biroo afaan biroon barsiisan irraa gara kana waan dhufaniif hanqinoonni kunneen kan mul'atan ta'uu hubatamseera.

### 4.7 Haala Waliigalaa Baruufi Barsiisuufi Itti Fayyadama Afaanii

Hojiin baruufi barsiisuu hojiilee xiinsammuu irratti hundaa'aaniifi bakka itti yaadonni saayinsiin walqabatan, aadaan, duudhaan, seenaan, aartiin, safuufi aadaan garaagaraa bakka itti baramuufi itti waljsssijjiiramuudha. Haaluma kanaan kanneen tarreeffaman kana hunda dabalatee kanneen armaan gadii illee galmaan ga'iinsa hojii baruufi barsiisuuf bakka olaanaa qaba. Wayitii barnootaa guutummaatti itti gargaaramuu, meeshaaleen barnootaafi meeshaaleen deeggarsa barnootaa oomishuufi kanneen oomishaman qabiyyee barsiifamuun walqabsiisanii haalan itti gargaaramuu, kitaabileen dabalataa dandeettii barattoota cimsaniifi shaakallii garaagaraaf kakaasan baay'inaan qopheessuu, dandeettii barsiisotaa cimsuufi leenjii garaagaraa yeroo yeroon kennuufi muuxannoo waljijjiirraa adeemsisuu, gama biroon immoo barattoonni barnoota gahaa akka argataniif ramaddii barsiisotaa haala gaarii ta'eefi gosa barnootaa ittiin leenji'aniin ramaduu, bal'ina daree barnootaafi baay'ina barattoota haala barattoota giddugaleessa godhateen qopheessuufi itti fayyadamuu, naannoo mana barumsaa keessatti haala miijataa uumuu jechuun: wantoota baruu barsiisuu irratti dhiibbaa fidan kanneen akka hanqina bishaanii, manni barumsaa daandii konkolaataa irra ta'uu, kanneen akka magaalaa gurguddoo keessatti hanqina dhiheessi geejjibaa jiraachuu, hanqina bakka bashannanaa, laaboraatooriifi kompitaratti gargaaramuuf ibsaan haalan jiraachuu dhabuu fi nageenya naannoo mana barumsaafi barattootaa eeguun yoo hindanda'amne baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Haala waliigalaan yoo ilaalle kanneen kun hundi itti fayyadama afaanii irratti bu'aa mataa isaanii qabu. Haala barbaadaniin ergaa ofii dabarsuufi fudhachuuf gaheen isaanii olaanaadha. Gama mana barumsichaatti yoo dhufne manni barumsaa bara 2010 Fulbaana keessa kan baname yoo ta'u xiyyeeffannoon mana barumsichaas afaan qofa barsiisuu osoo hintaane, aadaa, seenaa, duudhaa, safuu hawaasichaa magaalicha keessaa bade iddootti deebisuun kaayyoofi galma mana barumsichaati. Kun immoo ta'uu kan danda'u, bakka tokkummaan irratti hojjatameefi tokko tokkoon uummata Oromoo mana barumsichaa bira dhaabbatee gahee mataa isaa baheedha. Haaluma kanaan ramaddiin barsiisotaa gosa barnoota isaanii irratti hundaa'uudhaan barsiisota sadarkaa barnoota digirii qofa qaban ramaduu, wayitiin barnootaa guutummaatti hojiirra ooluun, kitaabileen dabalataa baajata mana barumsaafi deeggarsa garaagaraan argamuun, barattoota mana barumsichaattis ta'ee bakka kireeffamee itti barsiifamaa jiruutti haala madaalawaa ta'een ramaduun, dhiheessi konkolaataa adeemsisuun barattoonni mana isaaniitii qabanii akka itti

fayyadaman taasisuun ciminoota gama kanaan jiraniifi baruufi barsiisuuf gahee qaban yoo ta'u, manneen barnootaa biroo Afaan Oromoon barsiisan bal'inaan magaalaa Finfinneetti banuun barattoota fageenya irraa dhufaniif haala miijessuu, bakka bashannanaafi mana nyaataa barattootaa qopheessuufi kitaabilee barnootaa baay'inaan galchuufaan dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadaniidha. Walumagalatti kanneen kun hundi baruufi barsiisuu faana kan walqabataniifi itti fayyadama Afaan Oromoof illee kan haala miijessaniidha.

## 4.8 Faayidaa Fayyadamni Afaanii Guddina Afaanichaatiif Qabu

Afaan tokko eenyummaa saba tokko ibsuu bira darbee waa hunda hawaasa tokkooti jechuun ni danda'ama. Kunis barreeffamaf bu'uurri afaan dubbii yoo ta'u, haala itti dubbatan irratti hundaa'anii yoo kan barreessan ta'e ergaa darbu irratti dhiibbaa akka hinfinneef bifa qulqullina qabuun fayyadamuun filatamaadha .Fakkeenyaaf yaada barreeffamaan ibsannu irra kan dubbii afaaniitiin ibsannutu caala. Yeroo dubbannu immoo bifa waliin makuun osoo hintaane, afaan garaagaraa waliin makuun alatti fayyadamna yoo ta'e namoonni biroo haasaa keenyaa dhaga'an bifa akkeessuutiin wanti isaan baratan bal'aa ta'a. Haala kanaan itti fayyadamni afaanichaa babal'achuu danda'a.Walumaagalatti Itti fayyadamni afaanii guddina afaan tokkootiif gumaacha armaan gadii qaba.

- Walitti dhufeenya hawaassummaa cimsuu bira darbee muuxannoo jiruufi jireenyaa waliirraa qooddachuuf gargaara.
- Yoomessa garaagaraa keessatti haala garaagaraan kan dhihaatu waan ta'eef hiika jechoota afaan tokko keessa jiran heddummeessuufis gahee qaba.
- Barnoonni afaan sanaan kennamu kallattii garaagaraatiin akka galma gahuuf ni gargaara.
- Dandeettii barattootaa kallattii garaagaraan dubbisanii akka odeeffannoo fudhataniifi barreessuun odeeffannoo kennaniif nigargaara.
- Xiinsammuun barattootaa afaanicha irratti kallattii baay'een akka yaaduuf gargaara.
- Afaan keessatti haalli baruufi barsiisuu illee si'ataafi hawwataa akka ta'uuf shoora mataa isaa qaba.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan fayyadama afaanii Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu irratti karaa bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaan funaanamanii qaacca'anii kan dhihaataniidha. Kunis tartiibaan guduunfaa, argannoofi yaboo kaa'uun kan dhihaateedha**.**

## 5.1 Guduunfaa

Qorannoo kana jalatti hojiileen hojjataman boqonnaa shan jalatti qoodamanii kaa'amanii dhihaataniiru. Boqonnaa tokkoffaa jalatti Seenaa Oromoofi Afaan Oromoo akkasumas cunqursaa garaagaraa keessa darbee sadarkaa kanarraa gaheefi ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi hanqina qorannichaa walduraa duubaan taa'eera.Gama biroonis Seenaa Oromoofi magaalaa Finfinnee boqonnaa  kana keessatti ka'eera.

Boqonnaa lammaffaa keessatti waa'een faayidaa afaanii, fayyadama afaanii, afaan waliin makuun dubbachuu, haala afaan dubbii xinqooqa hawaasaa keessatti,haala jechoonni itti uumamaniifi moggaafaman akkasumas sakatta'a barruuwwan walfakkii garaagaraas kaa'amanii jiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti mala malli qorannoo, madda ragaa, iddattoofi mala iddatteessuu, mala funaansa odeeffannoofi meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka af-gaaffii, bargaaffiifi daawwannaa kan dhihaatan yoo ta'u, malli qaaccessa ragaalee illee dhihaatee jira.

Boqonnaa afur eessatti ragaalee karaa bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaan Funaanaman maddoota ragaa tokkoffaa ta'an barattootaafi barsiisota irraa argameen xiinxalamee jira. Ragaaleen kanneenis haala fayyadama afaan dubbii Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu maal akka fakkaatu haala walfakkaataniin walitti fiduun qaacceffameera.Haaluma kanaan Magaalaa Finfinnee keessatti jaarraa tokkoo oliifi Afaan Oromoo, aadaan, duudhaan, seenaan, safuufi maqaalee Oromoon bakkeewwan garaagaraa magaalaa finfinnee ittiin waamuu mootummoota abbaa hirree ta'an minilik irraa qabee walfuraa dhufeen dhiibamaa turuun isaa beekamaadha. Haa ta'u malee Oromoon roorroo abbootii irree kana jalatti haa kufu malee qabsoo isaa hindhiifne. Qabsoo yeroo garaagaraa adeemsifameen immoo manneen barnootaa Afaan Oromootiin barsiisan afur magaalaa Finfinnee kutaalee Gullallee, Eekkaa, Kolfeefi Labuu keessatti yeroo jalqabaatiif banamuu danda'aniiru.Jalqabbiin manneen barnoota kanaa immoo

aadaa, seenaa, afaaniifi duudhaa Oromoo jaarraa tokkoo oliif ture deebisuu keessatti gahee guddaa qaba. Adeemsa jalqabbii kana keessatti haalli barattoonni ittiin waliigalan, haala fayyadama afaanii, akkaataa ittiin makuun mul'atu, haala itti fayyadama afaanii keessatti fayyadamni jechootaa mula'tu kaa'ameera. Boqonnaa isa dhumaafi shanaffaa keessatti immoo guduunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa walduraa duubaan taa'ee jira.

## 5.2 Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffameen booda argannoon qoratichi argate furmaata barbaaduuf murteessaadha. Qorannoo mata dureen itti Fayyadama afaan dubbii Mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu jedhu irratti akka argannootti kanan eeru:

- ✓ Sababa jalqabbiin bara kana ta'eefi kanaan dura afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin barachaa turuu isaanii irraan kan ka'eefi waliin makuun jiraachuu. Daree barnootaa keessatti immoo guutummaatti Afaan Oromoo gargaaramuun hojiin baruufi barsiisuu kan adeemsifamu ta'uu.
- ✓ Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa dareen alatti walitti makanii dubbachuun kan mul'atu ta'u, kunis baroota hedduuf manneen barnootaa Afaan Oromootiin barsiisan Magaalaa Finfinnee keessaa dhabamuufi Afaan Amaaraafi Ingiliziin barachaa turuun isaanii sababa ta'uu.
- ✓ Haalli fayyadama afaanii barattootaafi barsiisota gidduutti mul'atu Afaan Oromoo gama fayyadamuutiin ta'uu hubatameera.
- ✓ Haalli itti fayyadama afaanii gama jechootaatiin mana barumsaa keessatti mul'atu, jechoota ergisaa, jechoota, tishoo, jechoota manneen barnootaa qofatti gargaaran, fa'aa addatti jiraachuun hubatameera.
- ✓ Fayyadamni Afaan Oromoo Mana barumsaa keessatti adeemsifamu, guddina Afaanii, aadaa, seenaa, duudhaafi falaasama uummaticha faana kan walqabatu ta'uu. Kunis immoo fayyadama afaanii isaanii irraa kan madde ta'uu argannoo qoratichaan bira gahameera.

## 5.3 Yaboo

Sabni Oromoo saba baay'ina qabuufi dachee bal'aa qabatee jiruudha. Akkuma baay'ina isaa aadaa, duudhaa, seenaa, afaaniifi amantii mataa isaa danda'e qaba ture. Haa ta'u malee dhiibbaan moototа abbaa hirreetiin darbaa dabarsaan irra gahaa ture sirna gadaa ittiin bulaa ture qabatee aadaafi afaan isaa akka hindagaagfannee gochuudhaan cunqursaa bal'aa ta'e geessisaa turan.Kun immoo Oromoota keessatti miidhaa cimaa geessiseera.Dhiibbaa kana ofirraa ittisuufi sirnoota abbootii irree jalatti kufne osoo hinjenne qabsoo taasiseen yeroo dhihoo kana abbaa biyyummaa

mirkaneeffachaa jira. Aadaa, duudhaa, seenaa, afaaniifi safuu Magaalaa Finfinnee handhuura Oromoo keessa bade deebisuu keessatti giddugala aadaa Oromoo magaalaa finfinneefi manneen barnoota Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti barsiisuu eegalaniin karaan banameera.Haaluma kanaan haala itti fayyadama Afaan Oromoo manneen barumsaa keessatti dagaagsuufi magaalaa Finfinnee keessatti babal'isuu keessatti qoratichi yaboo isaa haala armaan gadii kaa'era.

- Barattootaaf yeroo garaagaraatti leenjiifi hubannoo kennuun haala ittiin kana caalaatti fayyadama afaanii gama Afaan Oromootiin kana caalaa magaalaa Finfinneetti dagaagsaan miijessuun hojii irra oolchan gochuu.
- Finfinneen handhuura Oromiyaa ta'uu bira darbee akka biyyaatti uummata baay'ina olaanaa qabu ta'uu irraa kan ka'e magaalaa Finfinnee fi akka mootummaa federaalaatti afaan hojii akka ta'uu gochuun fayyadama afaanichaa cimsuu.
- Manneen barnootaa dhuunfaa godinaalee addaa oromiyaa naannawa Finfinnee baay'een isaanii Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barsiisuun isaanii Afaan Oromoo irratti dhiibbaa waan qabuuf biiroon barnootaa irratti xiyyeeffachuun akka Afaan Oromootiin barsiisaan taasisuu.
- Miidiyaalee Afaan Oromootiin tamsaasan adeemsa amma jiru caalaa haala itti hawaasni naannoo manneen barumsaa fi magaalaa Finfinnee Afaan Oromoo dagaagsuufi hubannoo cimsuu irratti yeroo yeroon sagantaalee garaagaraa qopheessuun dhiheessuu
- Jechoota garaagaraa waliin makuun fayyadamuun guddina afaanichaa irratti dhiibbaa waan qabuuf amma danda'ametti afaan garaagaraa waliin makuun afaan dubbii keessatti fayyadamuu akka dhiisaniif barattoota hubachiisuu.
- Mootummaafi biiroon barnoota Oromiyaa wajjiin ta'uun magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin kan barsiisan manneen barnootaa babal'isuu.
- Giddugalli aadaa Oromoo aadaa, seenaa, duudhaa, safuu Oromoo kanneen ibsan magaalaa Finfinnee keessatti babal'isuun afaanicha guddisuu keessatti gahee waan qabaniif waliin xiyyeeffannoon hojjachuu.
- Maatiin barattoota manaafi naannoo jiraatanitti akka barattoonni guutummaan Afaan Oromoo fayyadamaniifi hawaasa magaalichaa bal'inaan barsiisan gochuu.
- Hayyoonni Yuunivarsiitiifi kolleejjii irra jiraniifi kanneen biroo qorannoon deeggaruun tumsa barbaachisaa ta'e raawwachuuf hirmaachuu qabu.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa. (2010*). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press

_______. ( 2014 ). Semmoo: *Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

_______.(2011). Akkamtaa: *Yaadirmee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency Printing press.

Beekan Gulummaa,(2015).*Dimdimoo.Cooma Aadaa fi Afoola Uummata Oromoo*:Finfinnee Britain: Palgrave Macmillan.

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press

Cook, G. ( 2010 ). *Translation in Language Teaching*: An argument for Reassessment. Oxford: Oxford University Press.

Cooper, L, R and Nahum, F. (1976). "*Language in the Court*". In Bender, M.L.etal. (eds.) Language in Ethiopia. London: Oxford University Press, 256-263.

Crystal,D. (1997).*English as a global language*.Cambridge:Cambridge University Press.

Crystal. D. (1987). *The Cambridge's Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University press

Dastaa Dassaalany.(2013).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee:Far East Trading PLc.

*Elemoo*"Yuunivarsiitii Addis Ababaa. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa. Kan hinmaxxanfamin.

Finch,G(.2003).*How to study linguistics*:A guide to understand language(2nd ed.).Great

Gammachiis Zawuduu. (2016). Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee. Yuunivarsiitii Addis Ababaa. Kan hinmaxxanfamin.

Geetaachoo Rabbirraa. (2005).*Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa. Kuraaz Internaashinaal

Guddataa Abeetuu. (2016). "*Xiinxala Haasbarruu Meeshaalee Ayyaana Warra Giiftii*

Gudykunst,W. and Kim,Y.(2003). *Communicating with strangers:an approach to intercultural communication*.New York:MacGraw Hill

Hudson, R. A. (1996 ). *Sociolinguistics* ( 2nd ed.) Cambridge: Cambridge University Press

Mehl, M.(2003). *Psychological aspect of natural language*: Ourwords ourselves.Austin: Univesity of Texas

Milkeessaa Midhaagaa,(2015).”Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa 1855 2015. Finfinne, Oromiyaa

Misgaanuu Gulummaa. (2014). *“Xiinxala Qulqullina Barreeffama Afaan Oromoo Magaalota Naannawa Finfinnee.*

Nageessoo Duubee. (2016). *Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Keessatti*. Yuunivarsiitii Finfinnee. Kan hinmaxxanfamin.

Wallace, J. B. (1974): *The Level Retreat and Feeding Net of Macronema Carolina Banks.* (Trichoptera: Hydropsychidae): Haydro-biologia.

Wiley,T. (1996).*Language Planning and Policy*.In Mckay s.l (ed.) Sociolinguistics in Language Teaching.Cambridge: Cambridge University Press

Wolff, E. (2000). *“Language and Society”. In Heine, B. and Nurse, D*. (eds.) African Languages: An Introduction. Cambridge University Press

Xahaa Maammaa. (2016). “*Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee*. Yuunivarsiitii Finfinnee. Kan hinmaxxanfamin.

Yule, G. (1985). The Study of Language. Cambridge: Cambridge University Press

Zalaalam Amantee (2012). “*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo*: Beeksisa Taappeellaa Magaalaa Adaamaa.” Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin

**Dabalee 'A'**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii**

**Namoomaa, QorannooAfaanotaa, Joornaalizimiifi**

**Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fookloorii**

**Guca Afgaaffii Maatii Barattootaaf Dhihaate**

Kabajamtoota Afgaaffii kanaa:

Kaayyoo ijoon afgaaffii kanaa haala Fayyadama Afaan Oromoo mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta'eef, deebiin isin kennitan galma gahiinsa qorannoo kanaaf iddoo olaanaa waan qabuuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e akka qoratichaaf kennitan jechaa, qoratichi deebii isin kennitan hundaaf isin galateeffachaa deebiin isin laattan kamiyyuu galma gahiinsa qorannichaaf bakka olaanaa waan qabuuf amanamummaan laachuu keessaniif galatoomaa!

1. Naannoo mana jireenyaa keessatti afaan garaagaraa fayyadamuun jiraa?
2. Barattoonni mana jireenyaa keessatti afaan kamiin miidiyaa hordofu?
3. Naannoo mana jireenyaatti afaan kam fayyadamtu?
4. Afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun jiraa?
5. Mana barumsaa kanaan duraatti barattoonni Afaan Oromoon barachaa turanii ? Miti yoo ta'e sababni maali? Dhiibbaan inni geessise hoo jiraa?

**Dabalee ‘B’**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti Kolleejjii**

**Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi**

**Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Og-barruufi Fookloorii**

Bargaaffii Barattootaaf dhiyaate

Kutaa 1ffaa

Kabajamtoota dubbistoota bargaaffii kanaa

Kaayyoo ijoon bargaaffii kanaa haala Itti Fayyadama Afaan Oromoo mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta’eef, deebiin isin kennitan hubannoo qorannoo kanaaf iddoo olaanaa waan qabuuf odeeffannoo barbaachisaa ta’e akka qoratichaaf kennitan jechaa, qoratichi deebii isin kennitan hundaaf isin galateeffachaa deebiin isin laattan kamiyyuu galma gahiinsa qorannichaaf bakka olaanaa waan qabuuf amanamummaan laachuu keessaniif galatoomaa!Maqaa keessan bargaaffii kanarratti barreessuuu hinbarbaachisu.

Kutaaa 2ffaa -odeeffannoo waliigalaa

✓ Gaaffiiwwan itti aananii jiran haala itti fayyadama Afaan Oromoo Mana barumsaa keessatti maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta’eef odeeffannoo waliigalaa isin ilaallatan saanduqa yookiin bakka duwwaa isinii kennametti mallattoo ( ) kaa’uun deebii keessan laadhaa.

1. Saala Dhiira ☐ Dubara ☐
2. Umrii 10___15 ☐ 16--------20 ☐ 21_____25 ☐ 26___30 >30 ☐
3. Afaan dhalootaa Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan Ingilizii ☐ Afaan biroo yoo ta’e haa ibsamu_______________________
4. Afaan lammaffaa ☐
5. Sadarkaa barnootaa Kutaa 5 ☐ Kutaa 6 ☐ Kutaa 7 ☐ kutaa 8 ☐
6. Bakka jireenyaa Magaalaa Finfinnee ☐ Godina addaa oromiyaa naannawa Finfinnee

**Kutaa 3ffaa- Bargaaffii**

7. Mana barumsaa keessatti Afaan oromootiin ala kan fayyadamtan jiraa?

Eeyyee ☐ lakki ☐

a, Deebiin keessan lakkoofsi 7ffaan ‘’eeyyee’’ yoo ta’e afaan kam fayyadamtu?

Afaan Amaaraa ☐ Afaan Ingilizii ☐ Afaan biroos yoo ta’e haa ibsamu ☐

8. Barsiisota waliin afaan kamiin waliigaltu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan Ingilizii ☐

Afaan biroo kan fayyadamtan yoo jiraate______________________________

9. Hiriyoota keessan waliin afaan kamiin waliigaltu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan Ingilizii ☐

Afaan biroos yoo ta’e haa ibsamu___________________________

10. Manneen barnootaa duraan itti barachaa turtan afaan kamiin barsiisu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan ingilizii ☐

sadanuu ☐

a, Deebiin keessan lakkoofsi 12ffaa sadanuu isa jedhu yoo te’e, haala kamiin akka barsiisan haaibsamu.____________________________________________________________________

_____________________________________________________________________________________

______________________

15.Barreeffamoonni garaagaraa Afaan Oromootiin mana barumsaafi naannoo isaatti maxxanfama Eeyyee ☐ lakki ☐

A, Gaaffii 17ffaaf deebiin kesssan ‘’Eeyyee’’ yoo jettan barreeffamoota akkamiiti?

_____________________________________________________________________________________

Galatoomaa!

**Dabalee' C'**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Kutaa 1ffaa: Bargaaffii Barsiisotaaf dhihaate

Kabajamtoota dubbistoota bargaaffii kanaa

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa haala fayyadama Afaanii mana barumsaa qaaccessuuf qaaccessuuf Kan qophaa'eedha.Kaayyoon qorannichaas qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan qophaa'e ta'ee haala itti fayyadama afaanii mana barumsaa maal akka fakkaatu qaaccessuuf yoo ta'u, qoratichi deebii isin kennitan kamiyyuu akka dogoggoraatti akka hin ilaalamne isin hubachiisuu barbaada.Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Galatoomaa!

Kutaa 1ffaa odeeffannoo waliigalaa

1. saala Dhiira ☐ Dubara/tii ☐

2. Umrii 20___25 ☐ 26____30 ☐ 31___35 ☐

36___40 ☐ 41_____45 ☐ 45 ol ☐

3. Afaan dhalootaa_____________ Afaan lammaffaa __________

4. Haala sadarkaa barnootaa

Dippiloomaa ☐ Digirii ☐ MA ☐

5. Iddoo jireenyaa Magaalaa Finfinnee ☐Godina addaa Oromiyaa naannawa Finfinnee☐

A, Mana barumsaa keessatti gosti barnootaa barsiiftan kami?_________________________-

6. Mana barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliin waliigaltu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐

Afaan Ingilizii ☐ Afaan biroos yoo jiraate haa ibsamu_______________

8.Adeemsa waliigaltee keessatti barattoonni afaan kam fayyadamu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐

Afaan Ingilizii ☐ Afaan biroos yoo jiraate haa ibsamu_____

9. Afaan garaagaraa walitti makuun fayyadamuun nimul'ataa?

Eeyyee ☐ lakki ☐

A, Gaaffii 9ffaaf deebiin keessan ''Eeyyee'' yoo ta'e maddi isaa maali?

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________

10.Manneen barnootaa duraan itti barachaa turanitti afaan kamiin akka barachaa turan wantoonni agarsiisan jiruu?

Eeyyee ☐ lakki

Gaaffii 10ffaaf deebiin keessan ''Eeyyee'' yoo ta'e maalfa'a?

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

_______________________________________________________________-

11. Haalli waliigalaa dandeettii barattootaa dubbisanii odeeffannoo fudhachuufi barreessanii odeeffannoo kennuu irratti maal

fakkaata?_____________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________

**Dabalee'' D''**

**Yuunivarsiitii Finfinneetti kolleejjii namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Og-barruufi Fookloorii**

Daawwannaa Itti Fayyadama afaanii haala barattoota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 1ffaa

Kutaa 1ffaa -- Fayyadama Afaanii

1. Mana barumsaa keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?
2. Daree barnootaa keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?
3. Taphoota garaagaraa keessatti fayyadamni afaanii barattootaa maal fakkaata? Afaan Kamiin faarfatu?
4. Adeemsa faaruu alaabaa faarfachuu keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?Afaan kamiin faarfatu?
5. Jechoota garaagaraatti haala kamiin fayyadamu? Waliin makuun bifa kamiin mul'ata?
6. Itti fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisota gidduu jiru maal fakkaata?
7. Daree barnootaan alatti fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisota gidduu jiru akkamitti ibsama?
8. Haalli barattoonni dubbisanii odeeffanoo fudhataniifi barreessuun odeeffannoo kennan maalfakkaata? Walitti dhufeenyi fayyadama afaanii waliin qabu hoo akkamitti ilaalama?
9. Haalli baruufi barsiisuu maal fakkaata? Walitti dhufeenyi fayyadama afaanii waliin qabu maali?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

A, Ani qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Guutuu_____________________________________________

Mallattoo_________________________________________________

Guyyaa____________________________________________________

B, Barataa ______________________________waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi of ittisuuf (defense) muummeef galchuu danda'uu isaa ani gorsaan mallattoo kootiinan mirkaneessa.